# QAACCESSA ADEEMSA RAAWWIIFI FAKKOOMMII MEESHAALEE SIRNA AYYAANA ATEETEE OROMOO: AANAA DANDII

ABIYOOT BEELLAMAA DABALAA

YUUNIVERSIITII ADDIS ABABAA

KOOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIF QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,

OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# QAACCESSA ADEEMSA RAAWWIIFI FAKKOOMMII MEESHAALEE SIRNA AYYAANA ATEETEE OROMOO: AANAA DANDII

ABIYOOT BEELLAMAA DABALAA

GORSAA: MULUGEETAA NAGASAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA
KOOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraan Booddee

Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Gamisaan Guuttachuuf Abiyoot Beellamaa Mata Duree: Qaaccessa Adeemsa Raawwiifi Fakkoommii Meeshaalee Sirna Ayyaana Ateetee Oromoo: Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Dandii Irratti Kan Xiyyeefatee qophaa'ee sadarkaa madallii yuunivarsitiin kaa'ee guutee jira.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa____________________ Mallattoo__________ Guyyaa__________

Qoraa keessaa _________________ Mallattoo__________ Guyyaa__________

Gorsaa _______________________ Mallattoo__________ Guyyaa________

______________________________________________________________

Qindeessaa muummee sagantaa digirii lammaffaa (MA)

# Axeerera

*Ka'uumsii qorannoo kanaa adeemsi raawwii ateetee maal akka fakkatu dhaloonni ammaa hubannoo bal'aa hin qabu. Meeshaaleen ateetee yeroo ammaa maalirra akka jiraniifi fakkoommii isanii irratti qorannoo gahaan hin gaggeefamne.Namoota gara fuulduraatti qorannoo gaggeesaniif ciicata ta'uu danda'a. Kaayyoo gooroon qorannichaas Adeemsa Raawwii ateetee qaacceessuudha. Malli qorannichaa mala qulqulla'inaa (qualitative) yoo ta'u tooftaa darba dabaarsaa fayyadameera. Malleen funaansa ragaalee qoranniichaa hojii irra olaan afgaffiifi yoomessa uumamaa keessatti argamuun daawwachuudha. Ragaaleen maloota kanaan walitti qabaman immoo tooftaa qorannoo ibsaa fayyadamuun qacceeffamaniru. Adeemsa kana hordoofuun hojii qorannoo kanan bira ga'aman: adeemsa raawwii ateetee,gahee hirmmaattota sirna ateetee,meeshaaleen ateetee meeshaalee yeroo biraa itti fayyadaman akka hintaane,dhangaan ayyaana ateeteef qophaa'u midhaan garbuu haadhoo irraa ta'uu akka qabu, meeshaaleen sirna ateetee baay'een siileetti akka ta'an ,meeshaaleen kunneen fakkoommii mataa isaani akka qaban hubannoon hawaasni fakkoommii meeshaalee ateetee irratti qabu laafaa akka ta'e,meeshaaleen ateetee badaa akka jiraniifi ilaalchi hawaasni ateeteef qabu gadi bu'aa akka ta'e fa'a.*

## *Galata*

Duraan dursee hojii waraqaa qorannoo kana keessatti wixinee irraa kaasee hanga dhuma qorannoo kanaatti osoo hin nuffiin yaadaafi ogummaadhan yeroo isaani arsaa godhani nadeeggaraa kan turan gorsaa koo Dr.Mulgeetaa Nagaasaatif galaanni koo guddadha.

Itti dabalee qorannoo kana qopheessuu keessatti akkasuumas galma gahiinsa barnoota koof maallaqaanis ta’ee yaadan najajjabeessa, dhiibbaa goochaa kan turatan obboloota koo galata guddaa nabiraa qabdu.

Akkasuumas hojii qorannoo kana hundaa hojii kee gootee nagargaaraa kan turtee,itti gafatamuumma koo hundaa baattee nabiira dhabbatteef abbaa manaa koo obboo Araarsaa Fiqaaduu galanni kee guddadha.Ammaas,jalqabaafi dhuma galama kootii waan tateef abba koo obboo Beellamaa Dabalaa naaf jiraadhu.

Barsiisoonni koo koorsii adda addaa naaf kennitaan hundii bu’aa qorannoo kanaaf qoonnii keessan cimaa waan ta’eef dhamaatii nabiraa qabduu. Ulfaadha! Dabalataan hojii qorannoo kanaaf meeshaa warabbiin,konkoolaataa kennuufi hojii dirree nawajjiin deddeebiitan hundi galata qabdu.Kan biraa yeroo kee arsaa gootee qaamaniis ta’ee bilbiilaan hojii koo hordoofa kan turtee B/stu Gaaddiisee Badhaadhaa galataan siif qaba.

Waajirri Aadaaf Turziimii Aanaa Dandii, Waajiira Barnootaa,Waajira Kominikeeshiinifi Waajiiraleen aanichaa odeeffannoo naaf keennitanif galanni keessan guddadha.Akkasumaas dhabbata Telviizyiin OBS keessa Obboo Bosoonaa Dheereessaa yeroo keessani arsaa gootanii odeeffannoo naaf keennitaniif ulfaadha.

Namoonni odeeffannoo naa kennuun nagargaaraa turtaniifi maatiin obboo Dachasaa Baay’isaa sirna ayyaana ateetee irratti akka hirmaadhu naaf eeyyamtan galama gahinsa hojii kanaaf qooda guddaa qabduu galatomaa.

Dhumarrattiis M/B Odaa Nabee sad.$2^{ffaa}$ fi barsiisoonni mana barumsiichaa hojii qorannoo kanaaf yeroon dirree ba’u hojii idilee kiyya bakka buusaa nagargaaraa waan turtaniif galanni keessan guddadha.

### *Hiika jechootaa (Jibsoo)*

Jechoonni kanaa gadii hiikni kennameef akkaataa qorannoo kana keessatti hiikamanidha.Bakka birootti hiika biroo qabaachuu danda'u.

- Bowwoo---jinnii
- Damboobuu –amala horachuu/kashoomuu
- Dindiinuu—micciiruu/fo'uu
- Dikiita—farsoo Oromoo
- Diruu—ribuutti naquu
- Facaaftuu- nama ateetee qajeelchuu
- Gaasuwwee—sumsuuma
- Gumaata—waleessaa/dhangaa firri namaaf fidu
- Hooda___ waa beekaa,qaalluu
- Hubboo—okkootee marqqaa isa guddaa
- Hursoo—sabaroo/qoodaa samaa itti qaraan
- Jabaa____muka guddaa gaafa ateetee muranii ibiddarra kaa'an
- Jafuuree—marqaa soogiidda hin qabne
- Laguu___ waan dhiifamu
- Qeerroo caacee—dargaggoo jafuuree nyaatan
- Qolee --uffata haadha ateetee
- Qorxii—meeshaa calleefi caccuun keessa taa'u
- Ruuda—manyee waaqaa, biiftuu ,urjjii.
- Samaa –dhadhaa ateetee ture
- Siileetti --haarawa
- Ulmaa ba'uu--laguu fixachuu
- Wadaaja—keessummaa ateeteef wamaamu
- Jifa'uu—walitti bu'uu/wal looluu.
- Wandaroo—marqaa garbuu hororame irraa marqamu

# Gabaajee

Gabaajeewwan kanaa gadii qorannoo kana keessatti kan argamaniidha.Isaanis maqaa waajiraaleefi dhaabbiilee gabaabbatanii barreeffamaniidha.

- GWA — Gumii Waaqeeffannaa Adduunyaa
- Kkf — Kan kana fakkatan
- OBS — Oromia Broadcast service
- WAT — Waajiira Aadaafi Turizimii
- WBAD — Waajiira Barnoota Aanaa Dandii
- WBLAD — Waajiira Bulchiinsa lafaa Aanaa Dandii
- WKAD — Waajiira kominikeeshiinii Aanaa Dandii
- WMWDAD . — Waajiira Mallaqaafi Walta’iinsa Dinagdee Aanaa Dandii

# Baafata

Axeerera ........ i
Galata ........ ii
Hiika jechootaa (Jibsoo) ........ iii
Gabaajee ........ iv
Baafata ........ v
Baafata Suura ........ viii
Boqoonnaa Tokko: Seensa ........ 1
1.1 Seen duubee ........ 1
1.1.1. Haala Waliigala Naannoo Qorannichaafi Jireenya Uummataa ........ 2
1.2 Ka'uumsa Qorannoo ........ 8
1.3. Kaayyoo Qoranicha ........ 9
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 9
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 9
1.4 Barbachisummaa Qorannichaa ........ 9
1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 9
1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 10
Boqoonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ........ 11
2.1. Yaada Rimee Fookiloorii ........ 11
2.1.1 Dameewwan Fookiloorii ........ 11
2.1.2. Malummaa Ateetee ........ 17
2.1.2.1Gosoota Ateetee ........ 18
2.1.3. Sirna Kabaja Ayyaana Ateetee ........ 19
2.1.4. Meeshaalee Ayyanaa Ateetee ........ 21
2.1.4.1. Meshaalee Dhangaa Ateetee Itti Qopheessan ........ 21
2.1.4.2. Dhangaa Ateeteef Qopha'aan ........ 21
2.1.4.3. Meshaalee Battalaa ........ 21

2.1.4.4. Meshaalee Ulfoo Ateetee ..... 22
2.2. Yaaxxinaa Qorannoo ..... 23
2.2.1 Yaaxxina Fayidaa ..... 23
2.2.2 Yaaxxina Fakkommii ..... 24
2.2.2.1.Fakkoomii Gochaan Argaman ..... 25
2.2.2.2. Fackkoommii Mallattoon Argaman ..... 25
2.2.2.3.Fakkoommiifi Beekumsa ..... 27
2.2.2.4. Fakkoommii Abjuu ..... 27
2.3. Sakkatta'a Qorannoo walfakkii ..... 29
Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa ..... 31
3.1. Mala Qorannicha ..... 31
3.2. Madda Odeeffannoo ..... 31
3.3. Iddattoo ..... 32
3.4. Mala Funaansa Odeeffannoo ..... 32
3.4.1. Daawwannaa ..... 32
3.4.2. Af-gaaffii ..... 33
3.4.3. Malleen Qaaccessa Ragaaawwanii ..... 33
Boqonnaa Afur: Qaacceessa Odeeffannoo ..... 34
4.1. Adeemsa raawwii sirna ateetee ..... 34
4.1.1. Gochaa sirna ateeteen duraa ..... 34
4.1.2. Gochaa yeroo sirna ateetee ..... 35
4.1.3. Raawwii Ateeteen Boodaa ..... 42
4.2. Gahee hirmattoota ayyaana ateetee ..... 42
4.3 Meeshaalee sirna Ateetee keessatti fayidaarra oolan ..... 44
4.3.1. Meeshaalee dhangaa Ateetee itti qopheessanifi dhangaa Ateetee ..... 44
4.3.2. Dhangaa Ateetee ..... 46

4.3.3. Meeshaalee Battalaa ... 48
4.3.4 Meeshaalee ulfoo Ateetee ... 49
4.4. Fakkoommii Meeshaalee Ateetee ... 52
4.4.1 Dhangaa Ateetee ... 53
4.4.2. Meeshaalee Haarawaa ... 55
4.4.3 Meeshaalee battalaa ... 56
4.4.4. Meeshaalee Ulfoo ... 58
4.5. Sadarkaa Meeshaaleen Ateetee Ammaa Irra Jiran ... 63
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ... 65
5.1. Cuunfaa ... 65
5.2. Argannoo ... 65
5.3. Yaboo ... 66
Wabiilee ... 73
Dabalee A ... x
Dabalee B ... xi
Dabalee C ... xii
Dabalee D ... xiii
Dabalee E ... xv
Dabalee F ... xvi

# Baafata Suura

Suura 1 Oromiyaafi Godina shawaa Dhihaa WBLBAD fi MaddaWalaabuu Press: ...................... 4
Suura 2: Aanaa Dandii WBAD irraagaafa 23/8/2011 kan fudhatame ........................................... 5
Suura 3 Okoolee keessaa bishaan okkoteetti naqan agaarsiisu. .................................................. 36
Suura 4 dallaa loonii keessatti yeroo farfataan agaarsiisu. .......................................................... 38
Suura 5 dhoqqee  sa'aa ateetee agaarsiisu. .................................................................................... 38
Suura 6 yeroo facaasa facafattu agaarsiisu. .................................................................................... 39
Suura 7 aannaniifi jafuureen yeroo kadhatan agaarsiisu............................................................ 41
Suura 8 suura kana keessatti okkoteefi gaasuwween mul'atu. .................................................... 45
Suura 9 Okolee yeroo abbaa manaafi qeerroo caacee harkaatti marqaan mul'atu. ...................... 46
Suura10 bidden dirirsan dhiheessuu agarsiisu ............................................................................. 47
Suura 11 dhugaatii farsoofi aannani agarsiisu ............................................................................. 48
Suura 12 Caaccuu haadha ateetee harka jiruu agarsiisu ............................................................. 49
Suura 13 Mijuu annanii facaastuun dhiheessitee abbaa manaa  siiqqeen tuqee eebbisu agarsiisu.............................................................................................................................. 50
Suura 14 Qorxiifi sabaroon sirnicha keessatti dhihaachu ibsa..................................................... 51
Suura 15 uffannaa haadha ateetee agarsiisu.................................................................................. 52
Suura 16 Facaaftuun abbaa manaaf marqaa wandaroo yoroo dhiheessitu. ................................. 54
Suura 17 ijoolleen lamaan waldorgomanii aannan yeroo unatan. ............................................... 55
Suura 18 Suuraa –hindheefi ejersa balbala lamaan  irra jiru. ...................................................... 58
Suura 19 siiqqee –yeroo haati ateeteefi abbaan manaa qabatanii sirnicha keessatti dhimma itti bahan ................................................................................................................................. 60
Suura 20 gaadiifi amoolee agarsiisu ........................................................................................... 62

# Boqoonnaa Tokko: Seensa

## 1.1 Seen duubee

Dhalli namaa addunyaa kana irra yemmuu jiraatu uumaa fi uumama isaa ni ajaa'ibsifata. Haala jireenyaa fi ajaa'ibsifannaa isaa kana keessatti immoo safuu hawaasaa, dudhaa, uumaa fi uumama osoo dhiibbaa irraan hin gahiin dhalootaa dhalootattii dabarsaa jiraata. Kanarraa ka'uun lafa kanarra yeroo  jiraatu aadaa fi amantaa mataa isaa guddifachaa fi kabajachaa tureera. Dabarsaas jira. Uummaanni Oromoos akkuma saboota biroo aadaa fi amantaa mataa isaa qaba.Fookiloorii isaatiniis duudhaa fi amantaa dhaloota dhalootattii barreeffama tokko malee dabarsa. Yaada kana Oring (1999:136) yoo ibsitu "…folklore as oral tradition and belief handed down from generation to generation without the use of writing'' jetti.Kana jechuun Fookilooriin dhugeeffannoo hawaasa tokkoo kan barreeffama tokko malee dhalootaa dhalootatti darbuun madda ragaa ta'ee fayyada jechuun ni danda'ama.

Oromoon saba guddaa daangaa bal'aa huwwisee jiru, kan seenaa, aadaafi amantii mataa isaa qabuudha. Yaada kana Alamaayyoon (2007:19),akkas jedha. "Oromoon saboota kuush keessa isa bal'aa fi uummata qabiyyee lafa guudda irra dagaagee jiraatu. Haaluuma bal'iinaa fi guddiina uummataan Oromoon gosa heeddu qaba. Isaaniis :Tuulama,Maccaa, Arsii,Gujii,Boorana, Itu, Humbaan , Rayyaa , Yeejjuu, Liibaan jedhamu."

Sabni kun saba afaanota damee kuushi dubbatan keessaa saba Afaan Oromoo dubbatu yoo ta'u sabichi afaan, aadaafi duudhaa isaa akka mallattoo eenyuummaa isaatti ilaala.Yaada kana deeggaruun Addunyaan,(2011:53) yoo ibsu "Damee Afaan kuush keessaa tokko kan ta'e Afaan Oromoo Oromoodhaaf mallattoo eenyummaa isaati."

Uummaanni Oromoo uummata duudhaa mataa isaa qabuudha.. Kun immoo kanneen fookiloorii hawaasa keessatti hammataman keessaa isa tokkoodha.Akkuma beekamu uummanni Oromoo amantaa waqeeffannaan kan beekamu yoo ta'u akka amantaa waqeefannaatti uummatichi waaqa tokkootti amana.Yaada kana Hayiluun (1997) yoo ibsu ‘‘ Amantii sabni Oromoo hordofu keessaa tokko Waaqeffataadha.Waaqeeffataa jechuun osoo amantiin jabanaa biyya Oromoo keessaa hin seenin kan Oromoon gaggeessaa amantii isaa filatee ittin bulchuudha''jedha.Kana jechuun Oromoon waaqa tokkichatti amana jechuudha. Karaa ittiin waaqniifi namni walqunnamaniis nama keessa waaqnii kan humnaa fi kennaa addaa kennuuf jiru. Karaa isaani

namoonni waaqaan wal qunnamu. Rakkoo isaaniis hiikkatu amantaa jedhu qabu. Yaaduuma kan Maatiin (2006:112) yoo ibsu "waaqni mala qunnamtiis tolcheera. Dandiin wal qunnamtii kun humna ijaan hin mul'anne. Kan namaafi waaqa walitti fiduudha. Humni adda kunis ayyaana jedhama. Ayyaana jechuun humna addaa waaqnii namaaf kennuudha" jedha. Leelliisaa (6413:114) Yaada kana deggaruun "Ayyaanni afuura ykn calaqqee ifaa, kan namuu arguu hin dandeenye, dhallii namaa waaqa isaa ittiin qunnamuufi maatii isaa wal- bira hin jirree ittiin argu" jedha.

Akka seenaan ibsuutti hawaasni tokko jireenya isaa gaggeessuuf waan hedduu kalaqa. Uumaa, shaakalaa jireeyna isaa gaggeessa. Uummaanni Oromoos akkanuumatti jireenya isaa gaggeeffata. Kana keessa aadaa, siyaasafi amantii kalaqaa adeema. Kanneen keessaa kan akka sirna Gadaa, Gumaa, Hammachiisaa, Ateeteefi kan biroo hedduun beekama.

Ateeteen hawaasa Oromoo biratti aadaa ykn sirna boonsaafi kan hawaasichii ittiin karaa adda addaa waan yaade ittiin ibsuudha.Kunis karaa ittiin dubartoonni wal qixxummaa dhiiraan qaban ibsan, kara ittiin kabaja looniif qaban ibsan, akkasuumas uffannaafi meshaalee adda addaa ittiin ibsaniifi kanneen biroo falasama heddu kan hammatu yoo ta'u yeroo dheeraa kaasee uummata Oromoo biratti iddoo gudaatuu kennamaaf.

Leellisaan (2018) akkas jedha. ‘‘ Ayyaanni Ateetee kan haati akka sanyiif hormaata qajeelchituuf ayyaneffattuudha.Ateeteen kan gamtaa dubartootafi mirga dubartootaa eegdudha.’’ Dubaartiin ayyaana kana kan faacafattu ayyaanni hadhaa ishee isheefis tolee akka dhala isheefis qajeeluuf uumaamaan waaqa kadhatti. Akkaa yaada kanattii qoonni dubartoonni Ateetee ayyaneeffachuu keessatti qabaan bal'aa akka ta'eefi Ateeteen akka ayyaana hormatatattii dhugeeffannoo hawaasichaati jechuudha. Qorannoon kunis kan xiyyeeffatu xiinxala fakkoommii meeshaalee Ateetee, Goodiina Shawaa Lixaa, Aanaa Dandii irrattii ta'a. .

#### 1.1.1. Haala Waliigala Naannoo Qorannichaafi Jireenya Uummataa Moggaasa Maqaa Aanichaa

Maqaan aanichaa "Dandii" kan jedhamu moggaasa kan argate waan tokko tokko irraa ka'eeti jedhama. Kunis akka maanguddoonni muraasni jedhaniti bishaan haroo Dandii kan bocni isaa lakkoofsa saddeet fakkaatu fakkiin isaa dabalee keessatti duuba waraqaa qorannoo kanaa jiru

irraa ka'ee moggaafame jedhu afgaaffiidhaan maanguddoo aanaa Dandii kan ta'e obbo Digaafee Mullataa.gaafa 12/8/2011 sa'aa 5:00 irraa kan argame.

Karaa biraa immoo teessuma lafa isaa irraa kan ka'ee aanicha keessa karaan irra adeeman ykn daandiin kallattii afuriin waan keessa darbuuf daandiin irra adeeman baay'atee waan mul'ateef aanaa Dandii jedhamee moggaafame warri jedhan nijiru. Odeeffannoon kun karaa afgaaffii Obbo Kumsaa Dabal qotee bulaa ganda Duulee irraa gaafa,24/8/2011,sa'a9:00, fudhate.

**Teessuma Lafa Aanichaa**


Argamni aanaa Dandii magaalaa guddoo Oromiyaa kantaate Finfinnee irraa kallattii dhihaatiin argamti. Magaalaa guddoon aanaa kanaa Giinciidha. Magaalli Giincii Finfinnee kara dhihaa fageenya kiilometra 78 irratti argamti. Bal'inni aanaa kanaa hektaara 106, 428 yoo ta'u gandoota baadiyyaa 47 fi kan magaalaa 8 qabdi.

Aanaa Dandii kan daangessan Kaabaan Aanaa Jalduufi Ilfataa, Kibbaan Aanaa Dawoo, Iluufi Wancii, Dhihaan Aanaa Amboo, Bahaan Aanaa Ejeree daangeffamtee argamti.


Daandii keessa keessaa cirrachaa kiloometira 94.5 ta'uufi daandii asfaaltii Finfinnee gara Naqamtee deemu kiilometira 30 ta'u aanicha addan kutee keessa darba. Magaalli guddoon aanichaa(Giinciin) gaara bosona cillimoo jalatti waan argamtuuf miidhagina guddaa qabaachuu dandeessee jirti. Haalli teessuma lafa ishii baddadaree %71fi baddaa %29 kan qabdi waan ta'eef jireenyaaf baay'ee mijooftuudha. Lagdi guddichi beekamaan Laga Awaash aanaa kana keessaa iddoo Tulluu Boolee jedhamu jalaa burqa.Kaartaan AanaaDandii eessaatti akka argamu ibsu kan armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama.

(*Maddi Waajjira Bulchiinsa Lafaa Aanaa Dandii irraa Gaafa 16/8/2011 sa'aa 8:00 kan fudhatame)*


**Shawaa Dhihaa Oromiyaa keessatti, Oromiyaa Itoophiyaa keessattifi**




Aanaa Dandi godina Shawaa Dhihaa keessatti




**Suura 1 Oromiyaafi Godina shawaa Dhihaa WBLBAD fi MaddaWalaabuu Press:**




**Suura 2: Aanaa Dandii WBAD irraagaafa 23/8/2011 kan fudhatame**

**Dinagdee Aanichaa**

Anichaa keessaa lafa qonnaaf oolu hektaara 71,836, lafa dheedichaaf oolu hektaara 20,828, lafa bosonaa hektaara 9339, lafa bishaaniin uwwifame hektaara 805fi kan biroof oolu hektaara 2621 qabdi. Akkasumas mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa 67 sadarkaa lammafaa 6fi qophaa'ina 1 qabdi. Aanaan Dandii akka ragaan Ejensii Istaatiksii Biyyoolessaa bara 2000 gabaasa toora interneetii irratti addeessetti baayinni uummata aanichaa 255,899 keessaa dhiira 129,226 dhalaa 126,607 akka ta'an gabaasera. Akkasumas uummata 29,602 (% 11.57) magaalaa keessa kan jiraatan yoo ta'u uummanni 226,294 (%88.43) baadiyyaa keessa iddoo gara garaa jiraatu.

Jireenyi uummataa dinagdee qonna aadaa irratti kan hundaa'edha.Kunis qonna aadaafi horsiisa beelladaa lakkoofsi isaanii daanga'en jiraatu. Haalli qilleensaa aanattii baddaafi badda dareedhaaa. Gosti midhaanii adda addaatu aanicha keessa biqila.Isaanis: garbuu, xaafii, qamadii,boqqoolloo, gaayyoo, baaqelaa, atara, shumburaa, missiraafi kkf yoo ta'an kuduraafi muduraan immoo kan akka moose, shunkurtaa gara garaa diimaafi baaroo, qullubbii adii, raafuu gurraachaafi maraa,hundee diimaa, kaarotafi kkfdha horiin gaafaafi kotteduudaanis baayinaan ni argamu.Isaanis: farda, harree, gaangee, re'ee, hoolaafi horiin hedduminaan ni jiraatu. *(Maddi Waajira Maallaqaafi Misooma Dinagdee Aanaa Dandii (MMD) galmee kutaa karooraa irraa gaafa 15/08/2011 sa'aa 9:00 kan fudhatame*

**Hawwata Turiizimii Aanichaa**

Iddowwaan seena qabessa

***Bosona Cillimoo*** lafa hektaara 5000 hanga 6000 uwwisee jiruufi, bosoni Cillimoo mukeewwan gosa adda addaa 44fi bineensonni bosonaa gosa 20 kan akka weennii, jaldeessaa, qamalee, kuruphee, bosonuu, waraabessa, xaddee, shattafaa, amaaqexaa,sardiidoo booyyee,karkarroofi kkf yoo ta'an allattonni gosa garagaraa 130 ta'anis keessatti ni argamu.Akka fakkeenyaatti sinbirroota akka *jorroo* baalleen ishii bareedinaaf oolufi ittiin sirban, *cuquliisa*, sinbira eegee dheeraafi kanneen biroo baay'inaa nijiru. Bineessonniifi allaattonni kan jiraatan bosona keessa yoo ta'u yeroo ammaa bosonni Cillimoo sababa qoranii, ijaarsa manaafi lafa qonnaa babal'isuuf jecha ciramaa waan jiruuf lakkoofsi bineessota bosonaafi sinbirroota miidhagoo ta'an kuni illee xiqqaachaa demaa jira.

***Haroo Dandii*** lafa hektaara 820 gadifageenya 50m qabuufi kan gaarreen gurguddoo olka'insi isaanii sarara sirrii galaanaa irraa 2900m ta'an sagaliin marfamee iddoo dhooqa keessatti lakkoofsa saddeet fakkaatee kan uumamaan bonaa ganna argamu.Suura dabalee irraa hubachuun ni danda'ama.

***Masaraa mootummaa*** *Kan* bara weerara xaaliyaanii ijaarame bosona cillimoo kessatti argamu ta'ee magaala Giincii irraa kallattii kaabaatiin naannoo kiilometira 7 fagaata.

*(Maddi Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Dandii irraa Gaafa 24/8/2011 kan fudhatame)*

- **Aadaa,Afaanfi Amantii Uummata Aanichaa**

Walumaa galatti ummatni Aanaa Dandii keessa jiraatau: uummatni Oromoo %92.97, ummanniAmaaraa %5.37fi sablammoonni biro % 1.12 ta'n keessa jiraatu.Akkasumas afaanonni aanicha keessatti dubbataman Afaan Oromoo %93.17 Afaan Amaaraa %6.37fi afaanonni biraa %0.46 akka ta'an Ejensiin Istaatiksii Biyyoolessaa (2009) ifa godheera. Uummanni aanaa Dandii keessa jiraatu aadaa Oromoo hedduu isaa kabajaa hanga yoonaa tureera.Isaan keessaa muraasni Sirna Gadaa, Sirna Irreensaa fakkeenyaa laga Awash irratti gaafa Masqalaa ni Irreenfatu. Sirna Ateetee bulfannaa, sirna gumaa bituu, sirna fuudhafi heerumaa, sirna kabaja ayyaana masqalaa, Ukee, Qaammee dubaraakkf uummata aanichaatiin ni kabajamu.Nyaanni aadaa aanicha keessatti argaman cuukkoo, qorii, caccabsa, irradibaa, kochee, waadii, itittuu, marqaa, akaa'yii, bulbula dammaa, dhodhoobboo, sukkuummaafi kkf ni argamu.Ummanni aanichaa amantii Ortodooksii, protestaanirrattifi waaqeffataa duukaa bu'a. Haaluma kanaan akka ragaan waajjira kominikaashinii Aanaa Dandii ibsutti Ortodooksiin %87.42 Pirotestaantiin %4.66 Waaqeffataafi Kanbiroo%7.66 nita'u jedhama.

*(Maddi Waajjira Komunikeeshinii aanaa Dandii gaafa 24/8/2011 sa'aa 3:30).*

## 1.2 Ka'uumsa Qorannoo

Uummanni Oromoo saba guddaafi daangaa bal'aa huwwisee gaanfa Afriikaa keessa akka jiraatu seen-duuba keessatti ibsuuf yaalameera. Uummaanni guddaan kun jiruufi jireenya isaa keessatti aadaa, amantii, afaanifi sirna bulchiinsa mataa isa qaba. Akkuma beekamuu hawaasni kun aadaa, amantii, afaaniifi sirna bulchiinsa isaa kanatti dhimma bahuu irratti dhiibbaan irra gahaa tureera.Kana irraa kan ka'e eenyuummaa ofii dagatee aadaafi amantii isaa ganamaa dhiisee amantii ormaatti madaquuf dirqameera. Dhibbaan akkanaa kun immoo dhaloonni eenyummaa isaa ganamaa, aadaa, safuu, amantii ofii akka dagatu karaa bana.

Keessayyuu waan afaanin daddarbu yoo ta'e malee kanneen gochaan raawwatamaniifi meeshaalee aadaa dhaloonni boodaa carran itti argu baay'ee dhiphaa ta'a. Kanarra kan ka'ee aadaa Oromoo keessatti Ateeteen dagatamaa dhufeera. Keessumaayyuu meeshaaleen Ateetee yeroo ammaa bal'inaan hin argaman. Yoo jiraates bakka muraasatti mul'ata.Kanaafuu dhimma ateetee irratti qorannoo gaggeessun barbaachisaadha.

Amma qorattuun sakattatetti, qorannoo gahaan dhimma ateetee irratti bal'inaan gaggeeffame hin argine.Kan jirus faaruu ateetee irrattifi adeemsa sirnichaa irratti kan xiyyeffateedha. Kanaaf meeshaaleen Ateetee maal akka ta'anifi maaliitti akka fakkeeffaman ,yeroo ammaa dhaloonni jiru hubannoo bal'aa hin qaban. Kanarraa ka'uun, yeroo ammaa kana dhimmonni meeshaalee ateeteen walqabatan sadarkaa maalii irra akka jiran, meeshaaleen sirna ateetee irratti argamuu qaban maal fa'aa akka ta'an, gara fuula duratti dhaloonni fakkoommii meshaalee ateetee akka hindaganneef ciicata kaa'uuf qorannoon kun kan gaggeeffamudha.

Kanarraa ka'un xiinxala Adeemsa raawwifi Fakkommii Meeshaalee Ateetee Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii irratti gaafileen bu'uuraa qorattuun deebii argachuun qaba jechuun murteesite kanneen armaan gadiiti.

1, Adeemsi raawwii ateetee maal fakkata?

2, Gaheen hirmattoota sirna ateetee maali?

3, Adeemsa raawwii ateetee keessatti meeshalee akkamiitu fayidaarra oola?

4, Meeshaaleen ateetee sirna ateetee fakkoomii maali qabu?

5, Meshaaleen ateetee yeroo ammaa sadarkaa maal irra jiru?

## 1.3. Kaayyoo Qoranicha

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa adeemsa raawwii sirna ayyaana Ateetee Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii Qaaccessudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gaditi;

- Adeemsa raawwii ateetee xiinxaluu;
- Gahee hirmattoota ateetee adda basuu;
- Gosoota meeshaalee ateetee maal maal akka ta'an ibsuu;
- Fakkommii meeshaleeateetee adda baasuu;
- .Sadarkaa meeshaaleen ateetee yeroo ammaa irra jiru ibsuu;

## 1.4 Barbachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun ''Qaaccessa adeemsa raawwiifi fakkommii meeshaalee sirna ayyaana ateetee'' irratti xiyyeefata.Firiin qorannoo kana irraa eegamus dhimmoota fakkoommii meeshaalee ateeteen walqabatee jiru dhaloota qorannoo kana dubbisuuf addeessuudha. Dabalataanis namoota dhimma kanarratti qorannoo hojjataniif immoo madda ragaa lammaffaa ta'ee tajaajiluun qabxilee armaan gadii ifa gochuu danda'a.

- Hawaasni meeshaalee aadaa akka kunuunfatuufi tursifatu hubannoo kenna.
- Ulfina meeshaalee kanaa hawaasa hubachisa.
- Meeshaalee sirna ateetee keessatti fayidaa irra oolan dhaloota fuulduraaf bu'ura kaa'a.
- Qorattoota dhimma amantiifi aadaa irratti qorannoo gaggeessaniif bu'ura ta'uun akka madda ragaa lammaffatti tajaajila.
- Sirna ateetee keessatti meeshaaleen ateetee maalitti akka fakkeffaman, hubachisa.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan xiyyeefatu ''Qaaccessa Adeemsa Raawwiifi Fakkoommii Meeshaalee sirna ayyaana ateetee Oromoo: Godina Shawaa Lixaa, Aanaa Dandii''irratti qofa.Akkasuma osoo danda'amee guutuu Oromiyaa keessatti gaggefamee bu'aa olaanaa fida ture.Kana gochuuf immoo, humna namaa, baasii guddaafi yeroo dheeraa waan gaafatuuf rakkisaadha. Kanaafuu

qorannoon kun Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii keessaa sirna ayyana ateetee “Qaaccessa Adeemsa Raawwii Ateetee”jedhu jalatti ateeteen maal akka ta’eefi aadaa Oromoo keessatti bakka akkamii akka qabu,ateetee keessatti meeshaaleen akkamii fayiidaarra akka oolan, meeshaaleen sirna ayyaana ateetee sadarkaa maalirra akka jiran ibsamaniiru.

### 1.6 **Hanqina Qorannichaa**

Adeemsa qorannoon kun gaggeefamu keessatti wantoonni gufuu ta’an heddutu jiru.Isaanis: Kitaabileen wabii Afaan Oromootiin fokilooriifi dhimmoota meeshaalee aadaa irratti qopha’an gahaan dhabamuu yoo ta’u rakkoo kana furuuf kitaabota Afaan Ingiliziitin fookilorii ilaalchisee jiru fayyadamuun fala kennuun yaalamera.

Namoota odeeffannoo irraa funaanuuf yaadaman keessaa namoota odeeffannoo gahaa kennuu danda’an adda baasuun yeroo dheeraa fudhateera.Namoota kanneen keessaa kanneen hin argamnes jiru. Kanas namoota fakkattii isaanii ta’an bakka busuun odeeffannoon funaanameera.

Qorannoon kun kan karoorfame yoomessa uumamaa keessatti.Garuu sirni barbaadame sun yeroo karoorfametti raawwachuu hin dandenye.Ta’uyyuu yeroodhuma sirnichi gaggeefame irraa eegaluun yeroo jirutti fayyadamuun qorannichi gaggefameera.

Namoonni odeeffannoo kennan baay’een isaanii duudhaa akka ateeteefi meeshaalee ateetee darbaa dabarsaan walirra dhaaluu malee maalitti akka fakkeffamanifi maal akka bakka bu’an gadfageenyaan hin beekan.Kanas namoota heddu gaafachuun namoota muraasa ta’an irraa odeeffannoon kun funaanamera.

# Boqoonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqoonnaa Kana keessatti barruuwwaan adda addaa ykn yaada hayyootaa qorannoo kanaan wal qabatan qabiyyeewwan maalummaa Fookiloorii, maaluumma duudhaa, maaluumma ateetee, gosa ateetee waantoota kabaja ayyana ateeteef barbaachisan, fakkoommiin meeshaa ateetee adeemsa raawwii sirna ateeteefi qorannoowwan waal fakkii qaaceessun yaalameera..

## 2.1. Yaada Rimee Fookiloorii

Maalummaa Fookiloorii ilaalchiisee hiika tokkicha kennuun rakkisaa ta'us haayyoonni adda addaa hiika waliitti dhiyaatu kennu. Yaada kana Misgaanuun (2011:14) yoo ibsu "Fookiloorii kana jedhanii lafa kaahuun ulfaataadha.kana kan godhe bal'inasaati.waan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti muxannoo isaa gargarame kalaqe waan ta'ef"jedha.

Maalummaa Fookiloorii ilaalchisee Dorson (1972:2) yoo ibsu bara ammaa Fookiloorii yoo jedhamu waan afaan qofaan dhaloota irraa dhalootattii darbu qofa osoo hin taane,akka damee barnoota tokkootti qo'annoo isaa nidabalata jedha. "in the present work folklore will man bothfield of learning and the whole subject matter of the field" itti dabaluun (1972:17) Fookiloorii yoo ibsu "folklore is an echo of the past, but at the time it is olso the vigorous of the present" jedha. Kana jechuun fookilooriin owwaanna yeroo darbeefi haala yeroo ammatiif waan hedduu akka gumachu ibsa.

### 2.1.1 Dameewwan Fookiloorii

Hayyuun Dorson(1972:2) fookiloorii gooroowwan gurguddoo afuritti qooda."…Foklore can be divided in to four categories.These are termed the oral literature,the material culture,the social folk custom and the performing folk arts"jedha.Kana jechuun gooroowwan fookiloorii afoola,artii sochii qaamaa,meeshaa aadaafi duudhaa hawaasaa akka hammatu eera jechuudha.

**Meeshaa aadaa**

Meeshaa aadaa kan jennuu kun hawaasni aadaa tokkoofi afaan tokkoo dubbatu walini itti gargaramuudha. Meshaaleen kun sirnoota adda addaa keessattii gahee guddaa qabu. Sirnichaas guutuu tasiisu. Meeshaaleen aadaa hawaasa afaaniifi aadaa tokkoo qaban biratti akkataafi haala itti fayyadama isaani irratti hunda'uun safuufi dudhaa hawaasicha kan ibsanidha. Kanaaf meeshaaleen kunniin sirnafi dudhaa keessatti waan bakka bu'aanifi safeeffanna qabu.

Hayyuun Henary Glassie (1999). Meeshaa aadaa yoo ibsu “material culture is culture made material ;it is inner with at work in the world. Bigning necessary with things but not ending without them” jedha. Akka yadaa kana irra hubatamuutti meeshaaleen aadaa kan waantoota garagaraa irraa hojatamee aadaa ibsuu danda’u, kan hawaasni waan hojjateef sana malee kan birootti bakka hin busne ta’uu isaa ibsa. Kunis safeeffannaafi meeshaalee aadaa bakka bu’a qabachuu kan qabu jechuudha.

Meeshaaleen aadaa fedhii qabatamaa namoonni waantoota aadaafi hawaasummaa ilaalcha addunyaaf qaban miidhagina ittin ibsaniifi dandeettii kalaqu isaani ittiin ibsatan yoo ta’u meeshaaleen kunniin waan ijaan argamaniifi qaqqabataman bakka bu’uu kan danda’udha. Yaada kana Misgaanuun (2011:15) yoo ibsu “meeshaan aadaa kan afaan dubbatamuufi gurraan dhagahamu irra kan ijan ilaalamuufi harkaan qaqqabatamuudha” jedha.

Akka yaada kanarra hubatamutti meeshaaleen aadaa wantoota gurraan dhageenyuufi afaaniin dubbannu caalaa kanneen harkaan qaqqabatamuufi ijaan argamanidha.Waan tuttuquun hubachhun danda’amufi bocamantu meeshaa aadaa jedhama.

**Duudhaa hawaasa**

Duudhaan hawaasaa uummata keessatti umurii dheeraa kan qabuufi amala hawaasni waliin qooddatu kan ilaallatu akka ta’e hawaasni itti walii galee fudhachuun isaa ni hubatama. Kuniis kan hawaasa tokko keessatti aadaa isaa waliin argamu akka ta’eefi hiika mataa isa qaba. Duudhaan dhimmoota amantaa hawaasaa waliin wal qabata. Balaay (2007:91) duudhaa yoo hiiku “duudhaan aadaa bakka bu’uu dana’a. Duudhaan adeemsa qophii tokkooti” jedha.

Duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhunfaa irratti xiyyeffanna kan godhu hariiroo gareerratti jechuun ibsa. Dorson,(1972:3) akka yada kanatti namoonni kutaa hawaasaa tokko waliin jireenya hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti dhimmoota gara garaa irratti aadaa kuufatan kan qabanifi aadaan kuufatan kun immoo eenyummaa isaani kan ibsuudha. Kunis waa’ee aadaa dhimma ta’e tokko hawaasa abbaa dhimmaa sanaan alaatti ibsuufi dhiyeessuun akka hin dnda’amne nutti agaarsiisa.

Duudhaan aadaafi haala jiruufi jireenya saba tokkoo ta’ee kan hawaasni tokko ilaalcha keessa isaatii burqe ittin ibsatuudha. Amantiinis qaama aadaa hawaasa tokkooti. Waa’ee amantii tokkoo

yoo dubbannu aadaanifi ilaalchi saba amantiin sun keessaa baatetiin addaan baafnee ilaaluu hin dandeenyu. Waaqeffannaanis amantii saba tokkoo kan duudhaafi aadaa isaatiin walqabate ta'uun beekamaadha. Maammoon (2013:223) yaada kana yoo ibsu akka armaan gadiitti barreessa;

> *Adaan haala jiruufi jireenya saba sanaa gutummaa guututti kan hammatu sabniifi amantiin kamuuu dha. Amantiin immoo qaama aadaa keessaa tokko ta'uu hubanna.Akkuma aadaa keessa sirni fuudhaaf heerumaa, kan nyaataafi kkf jiran sirni amantiitis aadaa keessa jira jechudha.Sabniifi amantiin kamuu akkataa waaqa itti kadhatan qabu.Haa ta'u malee adeemsi isaanii aadaa isaanitiin walqabataadha.*

Akka yaada kanarraa hubachuun dandaa'amutti, jiruufi jireenyi, dhugeeffannaan saba tokkoo aadaa hawaasaa irraa kan adda bahuu hin dandeenyedha. Akka aadaa Oromoo waaqeffataatti irreecha, okolee, siiqqeefi waddeessa harkatti qabatanii bakka kadhaa waaqaa deemuun aadaa isaa ta'e beekamaadha. Ulfaa itti bahan sana dhadhaa muuduun, itti dhibaafachuufi itti irreeffachuun haala aadaa Oromoo kan waaqa itti kadhatuufi itti galateeffatu agarsiisa.

Uummanni Oromoos haala jiruufi jireenya isaa keessatti amantaa mataa isaa qaba. Amantaan uummata Oromoo ganamaas waaqeffannaa jedhama. Waaqeffannaa jechuun amantii tokkotti amanuu jechuudha. Dirribiin (2013:8), hiikni maqaa wanta tokkoo gochaafi amala isaatiin kan walqabatu ta'u yoo ibsu, "Waaqeffannaa jechuun amantii waaqa tokko, Ayyaana Dirreefi Duudhaa (lamaan namaa) amanuufi kadhachuuti" jedha. Ayyaana Dirree yoo jedhus malkaa, tulluu, hora, burqaa, caffee, siidaa, Odaafi kkf jechuudha. Akkasumas, ayyaana lamaan namaa kan jedhamanis ayyaana hadhaa ateeteefi kan abbaa Nabii jechuudha. Yaaduma hiika waaqeffannaa kana Maatiin (2006:45) yoo ibsu, "Jechi waaqeffannaa kan dhufe jecha Afaan Oromoo "Waaqa" jedhurraa lachifameeti. Waaqa jechuun uumaa dachiifi ruudaa namaafi uumamaa kan namaa olitti argamuudha. Akka amantiitti garuu, waaqa jechuun uumaa waan hundaa, kan waa mararatti aangoo olaanaafi dhumaa qabuudha."

Akka yaada kanaatti, Waaqeffannaa jechuun sirna amantii waaqa tokkichatti amananii buluudha. Waaqeffannaa jechuun waaqa tokkotti buluudha; Seerota waaqaa kabajuudha.Waaqeffannaa jechuun nageenya, qulqullinaafi damboobummaadha.

Akka Leelisaan akka lakkoofsa waaqeffannaatti (6413:109) ibsuuf yaaleetti, "Waaqni uumaa waan hundaati, kan bara baraan jiraatu, jiraataa fulla'aa, dachiifi samii (ruudaa) kana yookiin qoollo/ ciicoo uumamni marti keessa jiraatu kana kan uumeefi tiksee jiraachisuu waaqa tokkicha. Wanni waaqa duuba jiraachuu danda'u tokkollee hinjiru". Akka yaada kanaatti waan dachiifi samii kana uume akka safuun hin cabne kan waaqa qofa ta'uu ibsa. Uumama cufaa kan eegu, kan tiksu, kan balleessuufi tolchuu danda'u isa qofa.

Akka amantii waaqeffannaatti, waan lubbuu qabuufi hin qabne cufti waaqan uumaman; eebbafi fedha isaa qofaanis jiraatan. Kanaaf sabni ardi kanarra jiraatu marti jechaafi afaan adda addaan isa waaman. Tokkicha maqaa dhibbaa jedhamee kan faarfatamus kanumaafi. Wanti hundi maqaa isaa waaqa irraa argata. Fakkeenyaaf, Leelisaan akka lakkoofsa waaqeffannaatti (6413:109) kitaaba Daaniyaa wabeeffachuun akka ibsetti, kushi/ kuusaa kan jedhu qubeen jalqabaa "ka" waaqa jechaadha. Shaa/ saa immoo uummata jechuudha.Akkas jechuun ibsa.

> *Ka" is the first name of God. The name of God that our cush fathers have inherited to us before the old periodof Christianity and Islam is "KA". Since then, therefore, especially the Oromo have been calling God as "Waka or Waaqa". When we sing Eyoka or Eyoha in semptember (Fulbaana) we do praise "KA", the God.*

Waaqeffannaa keessatti uumanis ta'ee, uumamni hundi ayyaana mataasaanii ni qabu. Ayyaana mataasaan bula. Ayyaana kana ijaan arguun hin dandaa'amu; Ayyaana ayyaanan beekan malee ijaan hin argan. Yaada kana Maatiin (2006:157) akka ibsee jirutti, Ayyaana jechuun mil'uu waaqaa kan waaqni ittiin uumama mara uumee qajeelchuudha. Ayyaana wanti tokko akka dhalatu kan taasisu, erga dhalatee boodas wanti sun akka ittiin mul'atuufi qajeelfamu kan sirreessee qabuufi to'atuudha. Kanaaf, ayyaana jechuun mil'uu wanti tokko akka uumamu godhuufi erga uumamee boodas akka jiraatuufi sirnaan akka socho'u to'atee eeguudha.

Akka Maatiin (2006:157-158) ibsetti, "Waaqeffataan akka amanutti wanti uumame cufti ayyaana wajjiin dhalatu, kan mataasaa ni qaba; Ayyaana kana dhalootaan argatan; Ayyaanni namaa hin du'u; hin badu. Namni du'us ayyaanni labatarraa labatatti diroo darba malee hin du'u". Kana jechuun, uumamni marti ayyaana latoo qaba jechuudha. Ayyaanni latoo kun ayyaana dhalootaa dhalootatti darbuudha. Namni ayyaana mataasaa qaba; guyyaanis ayyaana mataasaa qaba; wanti

cufti ayyaana kanaan dhufa; ittiinis jiraata.

Sirni dhugeeffannaa Oromoo, Waaqeffannaa, amantaa, ayyaanaafi ayyaantuun qajeelfamuudha. Ayyaana ilaalchisee falaasamniifi aadaan amantaa Oromoo akkaataa itti ibsaniifi dhugeeffatan Alamaayyoofi kaawwan (1998:23) irratti akka armaan gadiitti kaa'aniiru;

> *Falaasamniifi aadaan amantaa Oromoo Kuush durirraa madde kun seera uumaa uumamaarratti kan hundaa'e ta'ee, waaqni ayyaana adda addaan uumama adda addaa hunda akka uumeefi uumaa jiru kan dhugeeffatuudha. Akkanaan, uumamni kamiyyuu ayyaana ittiin uumame yookiin dhalate ofii isaa qaba. Kunis ayyaana dhalootaa yookiin uumamaan waaqarraa kennamuufidha. Namni kamiyyuu ayyaana isaa waliin akka dhalatu amanama. Ayyaanni kun uumama kamiyyuu keessatti waaqni ittiin addeeffamu yookiin mul'atu. Ayyaana gaariis ta'ee gadhee yookiin badaa waaqatu kennaaf. Carraa gaariis ta'ee gadhee kan namoonni qaban, ayyaana dhaloota isaanitiin qaban irratti hundaa'a.*

Egaa walumaa galatti, akka falaasama duudhaa Oromootti Ayyaanni maqaa, guyyaa carraafi afuurri waaqaa kan ittiin addeeffamu jechuun ni dandaa'ama.

Ayyaanni karaa waaqni uumama isaa mara waliin walqunnamuufi uumama mara ittiin qajeelchuudha. Malkaan, tulluun, guyyaan, namni, bineensotniifi kkf hundi ayyaana isaan eeguufi isaan qajeelchuu qabu. Akka fakkeenyaatti Dooraan ayyaana bineensaa, maaram ayyaana deechuu (deessuu), ateeteen ayyaana dubartii, boorantichi ayyaana angafaa, golfaan ayyaana qe'ee, wadaajni ayyaana maatiifi kkf maqaa dhahuun ni dandaa'ama.

Ayyaanni ijaan hin mul'atu; garuu, humna yookaan afuura waaqaa kan nama eeguufi nama qajeelchu. Namni oggaa uumamu ayyaana waliini. Kanaafuu, uumamni martinuu ayyaanan qajeelfama. Ayyaanni dhala namaa gara daandii dhugaafi qajeelatti deebisa. Kadhannaan waaqeffannaas, "Yaa waaq , yaa ayyaana warra keenyaa alaa manaa nuu toli; nuuf araaram!" jedha.

Akka amantii waaqeffannaatti ayyaanni akaakuu bal'aa qaba. Akaakuu ayyaanaa kanas iddoo saditti hiranii ilaaluun ni dandaa'ama.

1. Ayyaana waaqaa
2. Ayyaana namaa
3. Ayyaana uumamaa

Ayyaana waaqaa jechuun akka amantii waaqeffannaatti waaqni ayyaana ulfaataafi kabajamaa waa hunda ittiin qajeelchu qaba; Waaqni raajii mara kan hojjate mil'uu ayyaanati. Ayyaanni waaqaa kun waan walaabuu cufa si'a tokkotti sochoosuufi qajeelchuu ni danda'a.

Ayyaana namaa jechuun akka waaqeffannaan amanutti waaqni dhala namaa kan uume ayyaana mata mataa wajjiin ture. Dhalli namaa cufti matuma mataan ayyaana mataasaa ni qaba. Waaqni inni nama uumu dhala namaa uumama biro caalaa waan filateef ayyaana addaa kennaafi ture.

Ayyaana uumamaa jechuun akka waaqeffannaan amanutti uumamni cufti ayyaana ittiin socho'u ni qaba. Ayyaanni kun kan dhalootaafi uumamaan uumarraa argameedha. Dhalli namaa ayyaana uumamaa waan ta'eef akka uumametti akka fulla'u ni taasisa. Waaqni uumama mara kana uume ayyaana mataasaanii wajjiin ture. Ayyaanni kun wanti cufti iddoo naqame taa'ee, akka nagaafi tasgabbiin qajeelfamu taasisa.

> *Akka Maatiin (2006:227) irratti ibsamee jirutti, "Ayyaani Waaqeffannaa akkaataa kabajama isaan iddoo lamatti qoodama: Ayyaana Mo'aafi Ayyaana Galatooti. Ayyaana Mo'aa jechuun ayyaana warraafi maatii humnoomsee moosisuudha. Maatiifi warri ayyaanaa waaqaan guutamanii waan gaariifi qajeelaan gara egeree gaariifi qajeelatti akka fulla'an taasisa. Ayyaanota mo'aa warri jedhaman kanneen akka: Aarsaa, booranticha, gindiikaa, gijaareefi urgooftuu fa'a.*

Ayyaana Galatoo jechuun ayyaanota kabajamoo Waaqeffattootni dhuunfaan akka maatiitti, gamtaan akka jamaatti walgahanii ayyaaneffataniidha; Achiinis ayyaana moofaafi dulloomaa keessaa muuxatanii bahuun ayyaana haaraafi jabaa dhuunfatan. Kunimmoo, Waaqeffattoota haaromsee humneessuun abdii egeree akka horatan taasisa; kanaafis, ayyaanonni kunneen dhalootaa dhalootatti fulla'inaan kabajamaa ayyaaneffatama. Ayyaanota Galatoo waaqeffattootan ayyaaneffaman kanneen akka: Taaboree, ilillee, ifaanoo, irreecha, birboo, wadaajoo, buttaa, cooraafi ateetee fa'a. Walumaa galatti, sirna ayyaaneffannaa ayyaanotaa kamuu jaataneessan yookiin raawwataman hunda dura waaqa ofii yookiin isaan uume kadhatu, faarfatu akkasumas galateeffatu. Kanatti fufuun sirni raawwii ayyaaneffanna maal akka fakkaatu

yaadota tokko tokkoon kaasanii ilaaluun baay'ee barbaachisaadha. Kana malees, adeemsaafi yoomessa sirna raawwii ayyaaneffannaarratti yaadota hayyootaa ilaalla.

### 2.1.2. Malummaa Ateetee

Ateeteen uummata Oromoo biratti baay'ee kan beekama ta'e akkuuma dudhaalee kanneen biroo dhaloota dhalootatti kan daddarbudha. Akka Maatiin (2006:145) ibsetti Ateeteen ayyaana dubartii hawaasni kan beeku yoo ta'uu kan dubartiin facafattuudha.Ateeteen duudhaa haadhaafi abbaa ta'ee akka amantii waqeeffannatti ayyaana dubartoonni sanyii hormataafi jireenya ittin qajeelfataniidha.

Ateetee dubartii qofatu bulfata. Ateeteen kan gamtaa dubartootaafi mirga dubartootaa eeguudha.Akka Leelliisaa (2018:261) ibsetti "guyyaa ayyaana Ateetee dubartiin ulfaa aadaa kan mataa isaa danda'e kan akka Qoloo Faana, Qoomee Qoomaa, Caaccuu, Callee fi kkf jifarrattee dhadhaa baksaa, Coqorsa cuuphxee ittin facafaatte,ittiin eebbiftuu kun Ateetee facafannaa jedhamee kan ayyaneeffattuudha" jedha.

Ateeteen ayyaana sabnii Oromoo ayyaneeffatuu keessaa isa tokko ta'ee kan dubartootaan ayyaneefatamudha. Kunis dubartiin akkuuma heerumten jiruu gaarii akka qabaattu, akka hortu, jireenya gaariifi nagaa akka argattufi bara dheeraa maatii ishee waliin jalaalaan akka jirattuuf kan tasiifamuudha. Dirribiin (2012:120) akka ibsuutti " Ateetee kana kan eebbisee naquu haadha waan taateef ayyaanni haadha irra buufate, isheef tolee dhala isheetti akka darbuuf uummanni kan ittiin waaqa kadhatuudha"jedha.

Akkaa Maatiin (2006:238) ibseetti "warrii Ateetee bulfatu ni ofkaale,warrii Ateetee bulfachuu dhisee immoo ni baduu" jedhama.Duubartiinis badii namaafi sa'a mudachuu malu kana baqaaf waggaa lamatti al tokkoo ayyana kana ayyaneefatu.Gaafa Ateetee dhaltii hin elman, jabboonni akkuma nama akka suga'aaniif akka quufaan godhama.Guyyaa kana hojiin hin hojjatamu. Guyyaa boqqonnaati. Dubartoonniis uffaanna Ateeteen miidhaganii oolu. Ateeteen ayyaana qe'ee akkuma namaaf araarsu, dubartoonnis waan maraa waliitti araarsu;nageenyaa, garuummaafi badhaadhiina kadhataniis

"Ateeteen warra gaaromsa

Buttaan biyya angoomsa"

Ayyaanni Ateeetees akkuma ayyanoota biroo kanneen itti bulanii facafataan ni gaaromsa, ni jabeessaas.

Dubartoonni bulttii nageenyaafi gammachuu akka qabataaniif maatiifi waatiin hormaata badhaadhiina qabu akka argataaniif Ateetee isaan bulfachuufi qanaansiifachuu qabu.

#### 2.1.2.1Gosoota Ateetee

Guyyaan ayyaana ateetee itti kabajamu guyyaa Maaramaa jedhama. Maaramni kun seera ateetee qabatee bakka sadittii hirama ( Dirribii, 2012:120). Isaanis:

1. Ateetee Amajjii – Ateetee Maarama Furmaa
2. Ateetee Hagayyaa – Ateetee Maarama Hagayyaa
3. Ateetee Sadaasaa – Ateetee loonii jedhee qooda.

**Ateetee Maarama Furmaa**

Akka Dirribiin (2012: 121) jedhutti, Ayyaanni kun baatii Amajjii keessa kan kabajamu, kan dubartiin ijoollee ishii Ateetee naqxee eebbiftu ayyaana Ateetee Gorobbee jedhama. Guyyaa kana haati ijoollee dhangaa ishiif qopheessitee, kan deesse hunda walitti qabdee Ateetee itti facaaftee eebbisti. Dubarri heerumanillee bakka jiranii ijoollee ofii qabatanii, nyaataafi dhugaatii, dhangaa kan akka cumboo, cuukkoo (miccirraa), cuuphaafi qorii qabatanii Ayyaana Ateetee Maarama irratti argamu. Ayyaanni kun ayyaana waggaa waan ta'eef itti yaadanii argamu malee waamicha hin qabu. Guyyaa sana hortee hadha mana kan ta'an hundi tokkollee osoo hin hafin mana haadhatti wal gahanii eebba haadha ateetee naqachuudhan fudhatu. Ayyaana kanarratti dubarriifi eessumaan wal baru. Ijoolleen intala heerumtee, akkawoofi akaakayyuu ofii baru. Obbolaa haadha ofii, ijoollee eessumaafi adaadaa isaanii waliin wal baru. Achumaanis ayyaanni kun wal argii firaa jabeessaa, fira wal barsiisa.

**Ateetee Maarama Hagayyaa**

Akka Dirribiin (2012:121) ibsetti, Ateeteen maarama Hagayaa jechuun immoo Gindi hiikoo yookiin Ateetee midhaanii jedhama. Gosti ateetee kun yeroo ji'a Hagayyaa keessa yeroo qotee-

bulaan qonnaa raawwatee, midhaan facaasee, gindii hiikee Ateetee naqee qotiyyootti shaashii mataatti mare eebbisee gadi dhiisudha. Guyyaa kana qote bulaan akka aadaa waaqeffannaa Oromootti, marqaan marqamee, farsoon naqamee midhaan faca'ee jirutti qonnaan bulaan irra deemee farsoo itti dhibaafata; marqaa dhadhaan cuuphee daddarbatee eebbisa.

Akka kanaan bakka hundarraa deemuun seera dhibaayyuu xumura. Sana booda, bakka dhibaayyuu sana taa'anii nyaatanii dhuganii galu. Guyyaa sana hidda qorii sinbiraa jedhamu mataa qotiyyootti maru; kunis Addoo (shaashii) maraa jedhama. Kunis mallattoo xumura qonnaati;kana hubatee humna godhata. Ayyaanni ateetee kunis, ayyaana sanyii jedhama.

**Ateetee Sadaasaa (Maarama Loonii)**

Akka Dirribiin (2012:122) ibsetti, gosti ateetee kun bakka tokko tokkotti jaarii kormaa yookiin gannii loonii jedhama. Ayyaanni kunis ji'a sadaasaa keessa kan kabajamu Ateetee looniti. Dallaa loonii bakka duraa irraa jijjiirani ijaaruun, baala bakkannisaa ykn birbirsa dallaa irra godhu. Ayyaanni kun bakka tokko tokkotti Ayyaana Birboo jedhama. Wirtuu dallaa keessa birbirsa sorooroo jabeesanii dhaabu. Inni kun kormoomsaa jedhama. Kormoomsaa sana jala ulmaayyii, Abbayyii, urgeessaa fi aannannoo kaa'u. Dubartiin yeroon dhaqxee marqaa Ateeteef ta'u kormoomsaa jalatti marqiti. Tikseen loon fiddee yeroon yemmuu dhuftu, Abbaan manaa re'ee ykn hoolaa qabatee taa'a. Loon erga galanii booda coqorsa, ulmaayii fi aannannoo qabatee haadha manaa isaa waliin marqaa Ateetee dhadhaa itti naqee farsoo waliin qabatee dallaa Seenuudhaan baala sanaan farsoofi dhadhaa itti facaasee eebbisa.. Sana booda horii qophoofte sana qala. Balbala mooraa irratti dhiiga sana bitaafi mirga karraa xuqsiisa. Gogaan horii qalamee immoo, ciccitee mataa loonitti marama. Sanabooda wanta qophaa'e nyaatanii dhuganii halkan waarii galu, kan hafes fudhatanii galu.

### 2.1.3. Sirna Kabaja Ayyaana Ateetee

Ateeteen ayyaana qe'eefi maatii duukaa buutee eegdufi ayyana hormataf tola jedhame kabajamu akka ta'e armaan olitti ibsamuf yalameera. Ayyaanni ateetee ayyaana dubartootaan kabajamu ta'ee kabaja ayyaana ateetee kanarratti namoonni qooda fudhatan hedduudha.Akka GWA(2018:103) ibsuutti "Ayyaanni Ateetee haala laman bulfama.Tokkoffaan, Dubartoon qe'ee warra angafaa tokkoo bulan sanatti wal gahaanii facafatu. Lammaffaan, mana mana ofitti facaafachuudha.Yeroo kana haatii warraa ilamaan ishee warra dubaraa faana facaafatti" jedha.

Dubartoonni badii sa'aafi namaa irraa ooluuf ayyaaneffatu. Akka Alamuun (2012) ibsetti, dubartoonni ayyaana ateetee kana kan godhatan waggaa lamatti yeroo tokko yoo ta'u, birraa keessa Fulbaana gara dhumaa, Arfaasaa keessaafi Amajjii walakkaa akka kabajamu ibseera. Waqtiin ayyaanni Ateetee itti kennamu kun harki caalmaan walitti dhiheenya yoo qabaatellee, kitaabilee adda addaa keessatti yeroon kabaja ayyaana ateetee kun garaagarummaa ni qaba.

Haala yeroo facaafannaa Ateeteerratti irratti hunda'ee Maatiin (2006:237), Ateeteen ayyaana dubartii ta'uu eeruun waggaa lamatti altokko Birraa yookaan arfaasaa keessa akka ayyaaneffatamu ibsameera.

Ayyaanni Ateetee Iddoo tokko tokkootti kan facaafatamu ji'a waxabajjii, qaammeefi masqalaatti. Yeroo Ateeteen itti facaafatan sadii haata'an malee, dubartiin tokko sirna Ayyaana Ateetee kan kabajju yookaan kan facaafattu waggaatti si'a tokko qofaadha.

Akka Maatiin (2006:330) ibsetti, sirni Ayyaana Ateetee waggaa lamatti altokko baatii Fulbaanaa gara dhumaa keessa dhahaa dhoofsifachuun guyyaa kibxataa, kamisa yookiin sanbata facaafatu. Dirribiinis (2012:120) ibsetti, ayyaanni ateetee waggaatti si'a tokko ji'a amajjii keessa kan dubartoonni facaafataniidha.Yaada hayyoota adda addaa irra akka hubatamutti ayyaanni Ateetee ji'a Fuulbanaa, Muddee, Amajjiifi Waxabajjii bulfachuun akka danda'amu hubatama. Yaada kana deggaruun Mulgeetaan (2014)akkas jedha. " The ritual performences of atete in most of cases are conducted by the neighboring women two times annually in spring and autumn. The ritual locally known as 'Bira' and 'Arfasa' are performed retering to seasons of 'spring' and 'Autumn' respectively"

Jaataniin Ateetee bulfannaa sadarkaa sadii qaba. Isaaniis: bulfannaan dura,yeroo bulfannaafi bulfannaan booda waan raawwatamu of keessatti hammata. Jaatanii duraa keessatti ayyaanichaaf waan barbaachisan qopheessan. Jalqaba ateetee bulfachuuf horii qaban keessaa goromsa tokko kennu; goromsi kunis goromsa Ateeteeti. Horii Ateetee hin gurguran,hin qalan, hin geeddaran. Goromsi ateetee yeroo dhaltes hanga aannan ishee kufamee si'a shan raafamutti namatti hin kennan. Jaatanii bulfannaa; galgala haati warra wandaboo uffattee, okoleefi siiqqee waddeessaa qabattee sirna ateetee bulfannaa sana qajeelchitu waliin malkaa buuti. Okoleetti bishaan waraabanii baala ambaltaa yookiin baala jajjabaa qarree lagaarraa buqqisanii deebi'an. Qe'ee gaafa gahanis marga jiidhaa baala ambaltaa yookiin baala mi'eessaa, qunniifi masarata bakka

Qorxiifi sabaroon jiran borootti irreeffatan. Achiin booda marqaa qopheessuu jalqaban. Sadarkaan dhumaa kan facaafannaan boodaa sirni dhangaa nyaachuufi dhuguu itti fufuudha.

### 2.1.4. Meeshaalee Ayyanaa Ateetee

Ayyaana ateetee kennachuuf meeshaaleen barbaachisan hedduudha.Meeshaalee kanneen kuta adda addaatti qoodamu. Isaaniis meeshaalee dhangaa itti qophessan, meeshaalee battalaa, meeshaalee ulfoo ateeteefi uffanna kabaja ayyana ateetee jedhamu.

#### 2.1.4.1. Meshaalee Dhangaa Ateetee Itti Qopheessan

Ayyana ateetee yeroo bulchaan dhangaa hedduutu qopha'a. Dhangaa kana qopheesuuf meeshaaleen barnbaachisan kan sirna kanaaf of danda'ee meshaa harawatu dhiyata. Meshaaleen kuniis kan akka gunddo, gingiilchaa, ubboo, sumsuuma, okoolee fa'a barbachiisa. Yaada kana Alamuun (2012)yoo ibsu "miini ayyana ateeteef oluu harawaafi lakkoofsi isaan lama lama ta'u qaba" jedha.

#### 2.1.4.2. Dhangaa Ateeteef Qopha'aan

Dhangaan ayyaana ateetee kennachuuf barbachisaan dhangaa yeroo biroo qopha'uu ykn nyatamu miti. Dhangaaleen kunniin farsoo Oromoo ykn dikiita: farsoon kun garbuu irra kan hojjetamu ta'ee yeroo hanga ji'a lamatti kan qopha'udha.

Kuniis gafa ayyaana ateetee sana bulbuulamee dhugama. Kan bira marqaan ateeteef ta'u immoo marqamee cooccootti naqamee dhadhaan itti nam'e qopha'a. Dhadhaan marqaa ateeteetti naqamuu sunqoon bakfama. Marqaan marqamuus kan soogiidda qabuu fi hin qabnetu qopha'a. bunniis ni qopha'a.Kun hunduu wal bira gara boroo kahamu. Yaada kana Dirriibiin (2012:124) yoo ibsu "dhangaa ateetee immoo, farsoon Oromoo okkotee jabaatti naqama.Farsoon ateetee biqiila garbuu irra dooccootti naqama. Okkoteefi dooccoo sana baala ulmaayiifi caqoorsaan maru.Marqaa nyatamu okooleetti irbata waliin qophessu. Kan ateetee immoo cocootti naqanii farsoo bira kahu"jedha.

#### 2.1.4.3. Meshaalee Battalaa

Meeshaalee battalaa kana sirna ateetee keessatti yeroodhuma sana itti fayyadamuun dirqama ta'us yeroo biraa irra hindebi'aan. Hatii ateetee sirna sana gaggeessuuf dhimma itti baati. Isaaniis kan akka baala ambaaltaa,coqoorsa, baala hindhee , masarata, ulmaayii, birbiirsa fa'a

barbaachiisa. Dirriibiin (2012:124) “warra ateetee naqatan mara haatii atetee ofirra jalqabdee coqorsaafi ulmayii kan ittiin naqxee hirti. Coqoorsi dubartif kennama ulmayiin dhiraaf kennama. Coqoorsa mataa ofiitti suqatti. kana jechuun mallattoo ateetee bulfachuu agarsiisa” jedha.

Mulugeetaan (2014 yaada kana deeggaruun “cita a kind of grass analogaus to ‘coqorsaa’(green grass) that is sign of prospertily and fertility. Hence,the women hold the grassfied on their hand for blessing purposes” jedha.

### 2.1.4.4. Meshaalee Ulfoo Ateetee

Meeshaaleen ayyaana Oromoo kan ulfoo ateetee jedhamu. Meshaaleen kun waan baay’ee of keessaa qaba. Dirribiin (2012:107)akka ibsuutti “Ulfaan meeshaa adda addaa waqeeffataan yeroo waqaa kadhatufi ayyaneeffatu kan ittin waaqa kadhatuufi ittiin jifarratudha.Ulfaan waanta hedduu ofkeessaa qaba. Isaaniis caaccuu, callee,kolba, sabaroo, qoloo, faachoo, kallacha, laduu, bokkuu, ardaa jilaafikkf” jedha.

Leelliisaan (6413:118) irratti “Ateeteen mi’oota akka caaccuu, callee, qorxii, jaaloo, okoolee, miya sunqoo, waddeessa dubartiin qabattu, galii anbaltaa itti arsaan qabata” jedha.Meshaaleen kunniin waan itti fakkeeffamaan hiika mataa isanii qabu.

**Caaccuu**:- caaccuu yeroo hunda dubartootatu qabatee arda bu’a.akka Dirribiin (2012:107) ibsutti caaccuun, kallachii kan dubaartiiti.Faayaa kabaja dubartii Oromooti.caaccuun gogaa goroomsaa irraa eleellaa sagal sagaliin tarree galee tolfama.caaccuun eebbaaf malee abarsaaf hin ooluu. Caaccuun mallattoo araarati” jedha.Kanatti dabaluun Hayiiluun (1997:92) yoo ibsu “caaccuun teepha qalloofi eleellaa sagaaliin hodhamee bareedee kan dubartiin qabattuudha” jedha. Caaccuun nageenyaafi araarattii fakkeeffama.

**Callee –**Calleen faaya dubartii ta’ee kan yeroo jila adda addaa dhaqan qabataniifi bifa adda addaa irra hojjatama**.** Calleen akkuma caaccuu dubartoonni dhalafi horii naaf kenni jedhanii kadhatu. Kunis firii callee waliitti makan sanattii fakkeessuun horsiisi jedhanii kadhatu. Dirriibiin (2012:8)akka ibsuutti “calleen kan hidhatamuu egalamee akkata itti muktii arbuu ija naqatu ilaaluudhan waaqayyoo akkuma muka arbuu caaceessetti dubartii illee dhalaafi horiin caaceessi jedhanii kadhatu” jedha.

Kanaaf calleen faaya guyyaa ayyana ulfaa kan godhatamu.Caalaan (2013:81) itti dabaluun “calleen hadhooliif ulfaadha” jedha.Waluumaa galattii calleen ija arbuu, waan baay’inaan horuuttii fakkeeffama jechuudha.

**Siiqqee:**-siiqqeen meeshaa ulfaa sirna adda addaa keessatti dubartoonni qabataniidha.Akka Alamaayyoon (2007) ibsuutti “guyyaa warrii dhiiraa horooroo qabatanii jilaaf bahaan dubartoonni siiqqee qabatanii waliin socho’u” jedha.Siiqqeen meeshaa sirna hedduu keessatti dubartoonni qabataan ta’e sirna ateetee keessattis haatii ateetee siiqqee qabatti. Siiqqeen kabaja dubartiiti. akkuma dhiirri bokkuu qabatu dubartiin siiqqee qabatti jechuudha.Caalaan (2013:81) yoo ibsuu “siiqqeen mallattoo aangoo kan Gadaan walii qixxeetti ilaalamuudha” jedha.Kanaaf siiqqeen araarafi angootti fakkeeffama jechuudha.

**Qorxiifi Sabaroo:-**Qorxiifi Sabaroon meeshaalee ateetee migira irraa hojetamaniidha. Meeshaaleen kun hangaan wal yaacaalaan malee bifuma tokkoon golbeeffamaniin hodhamu. Meshaalee kanneen sirna Ateetee keessatti nyaata Ateeteef qopha’utu itti dhiyaata.

Haaluma kanaan meeshaaleen ateetee hawaasa keessatti argamaanis yeroo qorannoon gaggeeffamutti maalitti akka fakkeffaman kan qaacceeffamuf yaalameera.

## 2.2. Yaaxxinaa Qorannoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxinni itti gargaaramanii qorannoo sana gaggeessun murteessadha.Yaaxxinni qorannoon tokko bu’ureeffachuu danda’u yaaxxinaalee akka Haalawaa, Aadaa hawaasaa, Fayideessummaa Caaseessummaafi Fakkommii fa’aa fayyadamuun dirqama ta’a .Qorannoon kunis yaaxxina fayidaafi yaaxxina fakkommiitti dhimma ba’uuf yaalamus yaaxxinni fakkommii bal’inaan qorannicha ibseera.

### 2.2.1 Yaaxxina Fayidaa

Akka dayeessa kanaatti afoolli fayidaan inni ummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun murteessadha yaada jedhutu ol aantummaan mul’ata.

Yaaxxinni kun kan bu’ure barataa Melille Herskovist,kan ta’e nama William Bascom jedhamuun bara 1965 akka eegale dubbatama.Akka yaada Bascomitti aartiin mallatto ‘verbal art’ jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu,aadaan giddugaleessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Yaaxxinni kun gama wanta aadaa (material culture) akkasumas

gooroowwan afoolaa biroon hojirra ooluu nidanda’a.Akka yaaxxina kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda’u.kanaaf qo’annoon afoolaa gama faayidaa isaatiin gaggessamuu qaba.

**2.2.2 Yaaxxina Fakkommii**

Fakkoommiin sirna mallattoo yookiin bakka bu’iinsa yaadaa waan tokko ibsuudha. Fakkoommin hiikaa xiinqooqarraa adda ta’ee sirna mallattoo yaadaan wanticha ibsuun bakka bu’a. kanuma ilaalchisuudhaan Caalaan (2014),Katz (1972) wabeeffachuun yoo ibsu.

“Symbolism were a form of meaning that only differed from linguistic meaning by the type of signals it used and if the set of symbol (of a given culture) constituted a language one should be able systematically to substitute certain simple or complex symbol for most symbol in most contexts as one can in language replace most words by a definition” jedha.

Akka yaada kanaraa hubachuun danda’amutti fakkoommiin unka hiikaa xinqooqarraa adda ta’e sirna mallattootiin kan taa’u; mallattoon bakka bu’u ammoo tooftaadhaan walitti fiduu yaada afaaniin kan bakka bu’u fakkaatiin ibsuudha.

Kanumatti dabaluun Turner (1969) hiikaa fakkoomimii yoo kennu hubannoo godhamu qabu sadarkaa saditti qoodee ilaala.

1. Aadaa amantitiin kan ibsan (exegetical meaning
2. Hiikaa sadarkaa irraa jiraniin taa’u (positional meaning
3. Fakkoommiin bakka bu’u hiikaa afaaniin walqixata’u.

Jechuun sadarkaa fakkoommii ittiin adda ba’u lafa kaa’a. kanumatti, fufuun isuma (1969:11-13) yoo ibsu

Exegetical meaning has three bases nominal base that derives from associations with the name of the symbol; a substantial base that derives from natural and material properties of objects used as symbols; finally an artifactual base in the case of made symbols. Jedha.

Kanarraa wanti hubannu fakkoommiin sadarkaa amantiitiin ibsamu wantoota adda addaa bu’uureffachuun ibsama. Isaanis: 1) Bakka bu’eedhaan maqaan wanta bakka bu’ee sun fakkoommii sanaa walitti firoomsudha. 2) Yaada uumamaan, amala meeshaa bakka bu’ee sanaa ibsuu danda’uu akka fakkoommiitti gargaara. 3) wantoota sababii aartii sabaatiif uumamee

fakkoommii jiruudha. Kun ammoo kan agarsiisu meeshaaleen ayyaanaa yaada lakkoofsa sadaaffaarratti ibsameen kan bakka bu'a ta'uu isaa agarsiisa.

Fakkoommiin yaada cimdii ta'e qabate taa'a. mallattoo fi ibsa isaa qabatee dhiyaata. Yaada kana Turner (1967) yoo ibsu "symbols selects certain pairs (symbol, interpretation ) among the set defined in the very structure of symbolism." jedha. Akka yaada kanaatti, fakkoommiin wanta cimdii qabatee dhiyaate caasaa fakkoommichaaf hiika kenna. Kun ammoo (mallattoofi hiiraa) kanaaf meeshaaleen ayyaanaa kun akkuma akaakuun isaanii addaa adda ta'e fakkoommiin isaaniis addaa adda. Kanuma ilaalchisee Oring (1986:38) yoo ibsitu "while food ways may serve as powerful identity symbols for those within the group" jetti. Haalli nyaatni garee tokko dhihatullee fakkoommii eenyummaa garee sanaa qabatee dhiyaata.

### 2.2.2.1.Fakkoomii Gochaan Argaman

Fakkoommiin hiika dhokataa qaban haala qomoon tokkoo akkaataa dhugeeffannoo mataa isaatti bakka buufatee itti amanuudha. Fakkoommiin kun barsiifata haawaasichaa bu'uura godhachuun dhiyaata. Yaada kana Mortan (1975) yoo ibsu "In Dorze, that when young man marries his father builds him a hut against the fense of his compound and plants infront of it a shrub called oloma oloma is a sign  of firtelity."jedha

Kanaaf, akka aadaa saba kanaatti ilmi dhiiraa tokko yoo fuudhaaf gahe abbaan goojjoo xiqqoo ijaaruufiidhaan dallaa isaa fuulduratti biqiloota xixiqqoo dhaabaaf. Maqaa isaa olomaa jedhamu. Kun ammoo hawwii hormaataa ta'uu isaa ibsa. Kanaaf fakkoommiin kun waan hawaasa keessatti haala aadaa hawaasichaatiin sadarkaa gochaatti raawwatamuudha.Haaluma kanaan sirna ateetee keessatti namni ateetee bulfatu dallaa loonii haaraawa ijaaruun baala hindhee ykn ejersa keessa dhaaba. Kunis baay'ee horuu hawwuutti fakkeeffama.

### 2.2.2.2. Fackkoommii Mallattoon Argaman

Fakkoommiin mallattoon taa'an sirna mallattoon taa'aniin wanta itti fakkeeffaman sana waliin hariiroo kan qabanidha. Wanti mallattoon taa'u kun ragaaafi dhugeeffannoo qabatamaa waliin kan kaa'amuudha. Yaada kana ilaalchisee Levi-Stravss (1966:64) Yoo ibsu " Corcerning symbolic relationships, that they may 'based on contiguity' or on resembalance' they may be 'isensible'  or 'intelligible' near or far' 'synchronic' or 'diachronic' 'static' or dynamic" jedha.

Kanaaf, hariiroon fakkoommii kan bu'uureffatu idileen bakka bu'uu fakkoommichaa madaaluu

danda’uu, miira fakkoommichaa kan qabu ta’uu ala qabatamaa ta’uu danda’a. Walitti dhufeenya qabaachuufi dhaabataa ykn jijjiiramaa ta’uudhaan yaadicha kan bakka bu’u jechuudha.

Kanaaf, fakkoommii mallattoo tokko yaada dhiyaatee sana guutumaan guututti dhugeeffannoo jiru faana dhiyaachuu qaba. Fakkoommiin Sirna mallattoo kun ammoo amantaawwan addaa addaa keessatti baayinaan mul’ata. Fakkeenyaf amantaa Kiristaanaa keessatti fannoon fakkoommii Sirna mallattoo keessaa isa tokkoodha.

Akka levi–Stravss (1966:70): ibsutti “The cross is the symbol of the Christian religion because Christ died on the cross. By generalizing the motivation, one might make the cross the symbol of crime, because so  many criminals also died on it” jedha.

Akka yaada kanaatti mallattoon waan  dhiyaatu sana waliin hariiroo qabaachuufi dhugeefannoo qabaachuu qaba. Kanaaf akka amantii kanaatti fannoon mallattoo amantii kiristaanaa ta’uu fi sababiin isaas, Yesuus Kiristoos fannoorratti fannifamee du’uu isaa agarsiisa. Akka yaada dimshaashatti ammoo yoo ilaallu; fannoo fakkoommii yakkaa ta’uu isaa agarsiisa. Sababiin isaas, yakkamtoonni hedduun waan fannoo irratti du’aniif jedhuun yaadichi fakkoommii kanaaf fakkoommiin tokko waan itti fakkeeffameef sababii waliin ragaa guutuu dhiyeessa. Sirna fakkoommii kana keessatti yaadni cimdiin jiru mallattoo + hiikaadha (Symbol + interpretation) uummata Oromoo biratti ammoo odaan bal’inaan beekama kun ammoo fakkoommii uummatni dhugeeffannoo waliin ibsatuudha.

Akka Dirribii (2012:253) irratti ibsutti Ayyaanni Odaa sirna yaada gumii irratti dubbate haayyotaan sirraa’ee akka seeratti tumamee odaa jalatti kan uummataaf labsamuudha. Kanaaf, mukni Odaa galma waltajjii Oromootaa ta’uu isaa hubanna. Dabalataan ammoo fakkoommii isaa yoo ilaallu; hidda latiinsa uummatichaatti fakkeeffama.Jirmi isaa ammoo uummatni Oromoo tokko ta’uu isaatti fakkooma. Dameen isaa hedduun ammoo, hidda latiinsa uummatichaatti fakkooma. Kanaaf fakkoommiin kun akka uumatni kun amanutti, yookaan sabni biroos fakkii muka odaa yoo arge, kan uummata Oromoo ta’uu isaa beekama. Kanaaf, mukni odaa uummata Oromootti fakkeeffama. Akka yaada kanaatti haati ateetee gaafa ateetee bulfattu okoleefi siiqqee qabattee callee uffattee bishaan waraabuuf  laga buuti.Yoo namni itti dhufee ishee hin qaxxaamuran.kunis okoleefi siiqqeen mallattoo haadha ateeteetti waan fakkeffamuuf nisafeeffatu jechuudha.

#### 2.2.2.3.Fakkoommiifi Beekumsa

Fakkoommiifi beekumsa jechuun; fakkoommii tokko keessatti waan wal makee taa'e tokko amalaafi ibsa isaa sirna mallattoo tokko keessatti beekuudha. fakkoommiin beekumsaa kun ammoo dhimma seeraafi duudhaa adda baasansi beekuudha. Akka Leach (1966:97) ibsutti symbolic knowledge resembles encyclopedic knowledge" jedha. Kanarra wanti hubatamu beekumsi fakkoommii beekumsa walii galaati. Kanumatti dabaluun isuma (1966:97) yoo ibsu

> *Only miscreant would reproach Matthew for not saying this immediately. Chritian knows that there is a good reason why he does not even if he himself does not know it (14) it is taboo is kill a snake pose no problem if taboo is simply taken as asocial rule. Encyclopedic knowledge is not only about brute facts, but also about institutional facts.*

Akka yaada kanarraa hubachuun dandaamutti; maatiwoos! Akka amantaa kistaanatti dhimma beekumsa kallattii lamaanii osoo hin hubatin battaluma yaada dogoggoraa lafa kaa'ee, kiristaanni dhimma inni lafa kaa'e keessaa fakkeenyi gaariin akka jiru ni beeku. Kana keessatti bofa ajjeessuun safuudha, hamaadha garuu safuun akkasumatti seera hawaasaa keessa yoo fudhatame rakkoo hin qabu. Beekumsi waliigalaa kun garuu, dhugummaa amantaa qofa kan qabatu osoo hin taane dhugummaa dhaabbata tokkoos ni qabata. Kun ammoo, fakkoommii beekumsaa ta'uu isaa agarsiisa.

Akka dhugeeffannoo uummata Oromootti ammoo fakkoommiin beekumsaa dhagaa muudaa yoo fudhannee ilaaluun ni danda'ama. Dhagaan kun iddoo giddu deemsi itti argamu (ayyaantuun itti argamu) agarsiisa kun akka dhugaa dhaabbatichaatti ilaaluu dandeenya akka beekumsa walii galaatti (encyclopedic knowledge) tti garuu yoo ilaalle, dhagaa bu'uuraa jalqaba taa'etti fakkeeffama. Kuni fakkoommii fi beekumsa jechuu dandeenya.

#### 2.2.2.4. Fakkoommii Abjuu

Fakkoommiin abjuu waan abjuudhaan namatti dhufe tokko yaada xiinsammuutiin hiikaa itti kennuudha. Hiikaan kennamus, fakkoommii ittiin namatti mul'aterratti hundaa'ee kennamaaf. Dhimma kana Sigmund Freud kitaaba 'Interpretation dream' jedhu tokko keessatti qaacessa xiinsammuutiin ilaaleera. Kanaaf Akka Freud (1963:150) ibsutti "The contrast relation of this kind between a dream element and its tranislations……… as a 'symbolic' one and the dream

element it self as a ‘symbol’ of the unconscious dream thought.” jedha.

Akka yaada kanaatti fakkoommiin abjuu, hariiroofi wanta abjuu sana keessatti mul’ateefi hiikaan akka fakkoommitti ilaalamu. Mallattoon abjuu tokkoo mataan isaa fakkoommii waan itti hin yaadaminiiti. Fakkoommiin kun ammoo, haala wanti abjuudhaan namatti mul’ate sun hiikaa itti kennamu qaba. Fakkeenyaaf akka amantaa kiristaanatti, yoo abjuudhaan bofti nama reebe, seexanatti fakkeeffama sababiin isaa Hewaan kan dogoggorse bofa waan ta’eef jedhameeti amanama. Kun fakkoommii bofti amantaa sana keessatti qabu agarsiisa.

Dabalataan akka aadaa Oromootti abjuudhaan yoo kallacha argatan ilmoo argachuudha. Kanaaf kallachi ilmootti fakkeeffama.Akkasumas namni abjuun horii ateetee gurgure immoo ateetee gate,qe’ee oneetti fakkeeffama.

## 2.3. Sakkatta'a Qorannoo walfakkii

Kutaa kana keessatti ,qorannoowwan mata duree qorattun qoranno irratti gaggeessuf filatte waliin walitti dhufeenya qabantu dhiyaata.Haaluma kanaan qorannoon digirii lammaffaa kallattin mata duree qorattuu waliin walfakkaatu hin argine.Garuu qorannoo walitti dhiheenya qaban keessaa:

1 Tashaalee Asaffaa (2007) mata duree "Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Ateetee :Godina Wallagga Bahaa :Aanaa Leeqaa Dullachaatti"jedhurratti qorqnnoo digirii lammaffaa guttachuuf gaggeessen walfakkeenyi qorannoo kana waliin qabu,Ateeteen ayyaana dubartii ta'ee kan dubarttoonni horuuf waaqa ishee kadhattu akka ta'e ibseera. Garaagarummaan qorannoo kanaa; kan isaa xiyyeeffaannaan isaa afoola ,faaruu Ateetee qaaccessuu irrttii yoo ta'uu dhimmi meeshaa Ateeteefi fakkommii isaanii kan hin ibsamne ta'uu isaafi bakki itti gaggeeffames gargar ta'uun adda isaan taasisa.Qorannichi kan gaggeeffame Godina Wllaga Lixaatti yoo ta'uu ,qorannoon qorattuun karoorfatte immoo Godina Shawaa Lixaatti kan hojjatamu ta'a.

2 Yaazoo Nugusuu (2016)mata duree "Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Ateetee Oromoo Godina Shawaa Kaabaa:Aanaa Warra Jaarsootti" jedhurratti qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf gaggeesse yoo ta'u ;walfakkeenyi qorannoo koo waliin qabu ,lamaanuu:maalummaa ateetee ibsuun ,ateeteen ayyaana dubartiin kabajju,yoomeessa mataa isaa kan qabu ta'uufi yoomeessi kunis bakka sadiitti akka qodaman ibsuun walfakkeessa.Garaagarummaan isaanii, qorannoon kun guutummaatti adeemsa sirna ateetee ta'ee,akkaataa adeemsa ayyaana ateetee gaggeessuu,sirni ayyaana ateetee yoom akka gaggeefamu,eenyu akka qooda fudhatufi,gahee ateeteen ol'anttummaa dubartootaa irratti qabu qaaccessuu irratti xiyyeeffata.Kan gaggeeffames Godina Shawaa kaabaatti.Qorannoon qorattuun gaggeessite immoo meeshaaleen ateetee maal faa'aa akka ta'an,maalitti akka fakkeffaman,gahee hirmaattota qaaccessuuf yoo ta'u kan gaggeeffamu Godina Shawaa Lixaatti.

3,Mulugeetaa Nagasaa (2014) Mata dureee "Documantation and Analaysis of Rritual Performance of sera Gada Amoung Karayu Oromo" jedhurratti qorannoo (phd) dhaaf gaggeefame .Qorannoon kun qorannoo kootin tokko ta'uu baatus mata duree xixiqqaa 'Atete,Ritual Performances of Atete,Materials of Ritual performances of Atete,Sera Sinqe' jedhaman qabxilee qorannoo koo keessa jiraniin walitti dhufeenya qabu.Qorannoo mata duree "Qaaccessa Adeemsa Raawwiifi Fakkoommii Meeshaalee Ateetee" jedhu keessatti qabxileen

akka maalummaa ateetee,meeshaalee ateeteefi meeshaalee ateetee keessaa immoo siinqeefi fayidaa siinqee qabxileen jedhaman walfakkaatu. Garuu qorannoon kun dhimma fakkommii meeshaalee ateetee hin kaasne

4,Caalaa Diroo (2014) mata duree “Xiinxala Fakkoommii Meeshaa Ayyana Ayyaantuu Warra Oofaa,Aanaa Mettaa Roobii” jedhu qorannoo digirii lammafaa (MA) guuttachuuf gaggeeffameedha.Walitti dhufeenyi qorannoo koo waliin qabu, meeshaalee aadaa, fakkoommii meeshaa aadaafi gahee meeshaleen kunniin sirna adda addaa keessatti qaban qabxileen jedhaman qorannoo keenya lamaan walfakkeessu.Garaagarummaan jiru ,qorannoon Caalaa Faakkommii meeshaa Ayyana Ayyantuu Warra Oofaa qofa ibsa .Waa’ee Fakkoommii Meeshaa Ateetee waan kaasu hin qabu .Qorannon qorattuun gaggeesite immoo Adeemsa Raawwiifi Fakkoommii Meeshaa Ateetee Aanaa Dandii ibsuu irratti kan xiyyeefateedha.

**5**, Jiinenus Galataa (2010) mata dure “Qabiyyee Meeshaalee Ulfoo Amantii Oromoo ,Aanaa Tokkee Kuttayee”jedhu irratti kan xiyyeefateedha. Qorannoon kun ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeefame yoo ta’u ,qorannoo kootiin kan wal isaan fakkeessu ,falasama amantii Oromoo keessatti meeshaaleen ulfoon bakka guddaa ibseera. Dabalataanis meeshaalee ulfoo amantii keessaa kanneen akka Callee, Caaccuufi Siiqqeen meeshaa ulfoo ta’uu bira darbee meeshaa faayaas akka ta’an ibseera. Qorannoo koo keessattis meeshaaleen ulfoon sirna adda addaa keessatti gahee adda addaafi fakkommii adda addaa akka qaban eeruun wal isaan fakkeessa.Garaagarumman keenya, qorannoon Jiinenus,dhimma fakkoommii meeshaalee amantiis ta’ee meeshaa Ateetee waan kaase hin qabu.

Walumaa galatti amman hubadhetti hanga yoonatti fakkoomii meeshaa Ateetee qaaccessuu irratti hinhojjatamne.Kanaaf meeshaaleen Ateetee yeroo ammaa hawaasa keessaa badaa waan deemaniif meeshaalee argaman maalitti akka fakkeeffaman,maallattoo maaliin akka bakka bu’an dhimma qorannoo barbaadudha. Kanaaf qorattuun, Adeemsa raawwiifi Fakkommii meeshaalee Ateetee qaaccessuun yaalameera.

# Boqonnaa Sadii: Malleen Qorannichaa

## 3.1. Mala Qorannicha

Mata dureen kun tooftaalee qorannichaafi mala qorannicha waliin walqabatan kanneen akka adeemsa qorannoo, madda odeeffannoo, iddattoo, mala odeeffannoowwan ittiin funaannaman, mala odeeffannoon ittiin qaacceffamufi kkf of keessatti hammata..

xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan Adeemsa Raawwiifi Fakkoommii Meeshaa Ayyaana Ateetee Oromoo Aanaa Dandii qaaccessuudha.Meeshaaleen Ateetee hawaasa keessatti waan argamaniif Fakkommii isaanii karaa adda addaa qaacceessuuf nugargaara.. Ragaa argatanii ergaa,fakkommiifi hiika isaanii qaaccessuufimmoo hawaasa irraa odeeffannoo argachuufi sirnicha irratti argamanii ilaaluufi qorachuun barbaachisaadha. Qorannoon kunis aadaa hawaasaa waliin walqabata.

Qorannoo aadaa hawaasaa waliin walqabatu gaggeessuuf qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuun barbaachisaadha (Dastaa,2013:30). Sababni isaa qorataan kallattiin hawaasa bira deemee daawwachuun qorata. Kunis hir’ina muul’achuu danda’u hir’isuu irratti mala gaarii ta’a. Kaayyoon qorannoo aadaa hawaasaa Dastaan (2013:31) irratti Spradel (1979) wabeeffachuun yoo ibsu, “The goal of ethnographic research to understand another way of life from the native point of view” jedha. Asirraa wanti hubannu kaayyoon qorannoo kanaa haala jireenya hawaasa tokkoo kallattiin itti siiqanii hubachuudha.Kanaaf qorannoo kana gaggeessuuf qorattuun kallattiin hawaasa keessa galuun, odeeffannoo kallattiin hawaasicha keessaa funaanuu, odeeffannoo argame gadi fageenyaan qaaccesani ibsuudhaan waan duraan hin beekne ifa baasuuf kan gaggeeffameedha.

## 3.2.Madda Odeeffannoo

Qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo ta’anii kan odeeffannoon irraa funaaname hawaasa aanaa Dandii keessa jiraatan keessaa maanguddootafi haawwan dhimma kana gadi fageenyaan beekanifi sirna Ateetee gaggefame irraa odeeffannoon funaanamee jira.

### 3.3. Iddattoo

Qorataan odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun hin oolu. Iddattoon bakka qorataan odeeffannoo irraa walitti qabatuudha. Dastaan(2013:132) Trochim (2006) wabeeffachuun hiika iddattoo yoo lafa kaa'u, "Sampling is the process of selecting units (e.g people, organization) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our result back to the population from which they were choose." Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookiin qaamota jamaa sana fudhatanii itti fayyadamuudha.

Iddattoo filachuun kan barbaachisuuf, yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaaddameeti. Haaluma kanaan namni qorannoo gaggeessu tokko tooftaalee adda addaatti gargaaramuu danda'a. Tooftaalee kunniinis akkaataa qorannicha waliin deemuu danda'anitti ilaallamanii kan qoratichaan filatamaniidha. Maloota kana keessatti iddattoo hedduu fayyadamuurra iddattoo dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa odeeffannoo gahaa ta'e funaanuun barbaachisaa ta'a.Kanarraa ka'uun mala iddattoo miti- carraatti fayyadamudhan qorannoon kun gaggeefameera.

### 3.4. Mala Funaansa Odeeffannoo

Odeeffannoo funaanuuf malli itti gargaaramnu baay'eetu jira. Malli qorattuun kun itti dhimma baate mala qorannoo akkamtaati. Malleen odeeffannoo qorannoo akkamtaa gaggeessuuf oolan irratti Dastaan (2002:230) Marietsefi Marieta (2000) wabeeffachuudhan yoo ibsu, "Qorannoo akkamtaa (bu'ura) gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannu daawwannaa, af-gaaffii, dookimantii kan sakatta'uufi meeshaalee suur-sagalee fa'atti deeggaramuudhaani" jechuun ibsa.

Addunyaa (2011:16) mala odeeffannoon ittiin guuramu keessaa af-gaaffii, daawwannaa, marii garee xiyyeeffatamaafi sakatta'a dookimantii fayyadamuun akka dandaa'amu addeesseera. Kanuma irraa ka'uun qorannoo kana keessatti odeeffannoon kan funaanamu daawwannaa, af-gaaffiifi meeshaalee suur-sagaleetti dhimma bahuudhaan qorannoon kun gaggeefameera.

#### 3.4.1. Daawwannaa

Daawwannaa qorannoo mata duree "QaaccessaAdeemsa Raawwiifi Fakkoommii Meeshaalee Ayyaana Ateetee Oromoo; Aanaa Dandii" jedhu kana qaaccessuuf adeemsa daawwanna kanatti

fayyadamuun, yoomessa dhugaa keessatti argamuun ragaan funaanameera. Kunis ganda Korophuutti gaafa 12/10/2011 hanga 14/10/2011tti sirna ateetee kabajamu irratti argamuun, gochaaleen sirnicha keessatti raawwataman duraaduubaan daawwatamaniiru. Achi keessatti meeshaaleen kamfaa akka barbaachisan ,meeshaa kamitti maaltu akka raawwatu , yeroo akkamii akka raawwatamu, dhangaan qophaa'an maal akka ta'an, meeshaaleen kunnin maalitti akka fakkeffaman, uffannan haadha ateetee maal akka ta'e, qooda fudhattootaa maal maal akka raawwatan daawwannaa kanaan bira gahameera.

### 3.4.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin malleen odeeffannoo qorannoo ittiin funaannaman keessaa isa tokkoodha. Malli kun odeeffannoo daawwannaadhan argachuu hin dandeenyeefi warreen odeeffannoo bal'aa barbaadaniif sirriitti qulqulleeffachuuf kan fayyadudha. Creswell (2003:181) irratti yoo adeessu, "In interviews, the researcher conducts face to face interview…, These interviews involves unstructured and generally open-ended questions that are few in numbers" jechuudhaan ibsa. Kunis kan agarsiisu, qorataan af-gaaffii tokko hirmaattotaaf fuula fuulaan wal-arguudhaan kan gaaffii isaa gaafatufi dhimma itti bahuudha.Kana bu'ura godhachuun namoota odeeffannoo kennan waliin wal arguun gaafilee ka'aniif odeeffannoofi ibsa bal'aa kennameen qorannoon kun gaggeeffameera.Haaluma kanaan ji'a 10/2011,guyyoota gara garaa keessatti ,namoota ganda shan(5) iddoo adda addaa jiran ,baay'inni isaanii dhiira 6fi dubartoota 5 walitti odeeffattoota 12 irraa ragaan funaanameera. Af-gaaffii kanaanis:meeshaalee ateetee keessatti fayyadan, fakkoommii meeshaaleen ateetee qaban,sadarkaa meeshaaleen ateetee irra jiran odeeffannoon argameera.

### 3.4.3. Malleen Qaaccessa Ragaaawwanii

Malli odeeffannoon ittiin ibsame mala qorannoo akkamtaa (qulqulleeffataati). Kunis odeeffannoon argamu lakkoofsan osoo hin taane jechootumaan kan ibsameedha. Haaluma kanarraa ka'uudhaan, ragaaleen qorannoo kana keessatti daawwannaafi af-gaaffii irraa argame mala qorannoo ibsaatti fayyadamee ibsameera.

# Boqonnaa Afur: Qaacceessa Odeeffannoo

Boqonnaa kana jalatti ragaawwaan qoraniichaa, mala qorannoo gara garaa fayyadamuun funanamanti qaacceeffamu.Kunis odeeffannoowwaan argaman mata duree adda addaa jalatti qoqqooduun hiikni itti kennameera.

Haaluma kanaan odeeffannoon ijoon kutaa kana jalatti ka'an adeemsa rawwii sirna ateetee, gahee hirmattoota sirna ateetee, meeshaalee sirna Ateetee keessatti fayiidarra oolaan, meeshaaleen Ateetee fakkoommii akkamii akka qabanifi sadarkaa meeshaaleen ateetee yeroo ammaa irra jiran tokko tokkoon qacceeffamaniru.

### 4.1. Adeemsa raawwii sirna ateetee

Akka manguddoo Dachaasaan (11/10/2011) irra odeeffannoo argadheetti adeemsi raawwii sirna ateetee qophiilee sadii of keessa qaba.isaaniis qophii sirnicha dura rawwatamu,qophii yeroo sirnicha rawwatamuufi qophii sirna booda of keessa qaba.

#### 4.1.1. Gochaa sirna ateeteen duraa

Ateeteen bulfataan ateetee sadaasaa yoo bulfatan ateetee loonii jedhamee beekama.kuniis ji'a sadaasaa keessa yookin ji'a waxabajjii keessa guyyaa kibxataa,kamisaafi sanbata keessaa bulfachuu danada'uu.Sirna ateetee bulfanna keessattis waantoonni dursa sirnicha gaggeessuuf rawwatamaan jiru.Jalqaba ateetee bulfachuuf horii ateetee hidhachuu barbaachisa.Horiin ateetee sun yeroo dhalaan dhadhaafi aannaan ateetee kuufamee erga qopha'ee ateetee bulachuun danda'ama.Kanaaf yeroo horiin ateetee dhaltee irraa egaalee dhadhaa kuusaani, yeroo laguu fixan ateetee bulfatu. Laguun saani ateetee dhaltee si'a saddeet hanga raasaniitti ateetee hin bulchan;Annaaniifi dhadhaa sanaas hin nyaataan, hin gurguuraan, manaa hin baasan. Laguu yeroo fixan hanga ateetee bulfachuun gahuutti yeroo aannan raasaan hundaa dhadhaa isaa hiranii dhadhaa kuusaan sanatti dabalu.

Akka aaddee Dibaabeen (11/10/2011) irraa odeeffannoo argadhetti ateetee bulfachuuf jiini tokko yeroo hafuu garbuu marqaafi waan jifuu ateetee gutuuf barbaachiisan qorxii gutaanii sabaroo faana boroo dhaabu.Sabaroon meeshaa dhadhaa ateetee itti kusaaniidha.Jiin ateetee bulfannaa seenee hanga gaafa ateeteen bulee ulmaa bahaniitti aannaan, dhadhaan, ulfaan ateetee, mi'aa manaa, waantii horii mana hin ba'aan. Meeshaa ergiisuufi ala bulchuun, horii daangaa dabarsuun hooda. Yeroo kana keessatti jaatanii ateetee kan akka midhaan marqaa, itittuu,dhadhaa , farsoo,meeshaalee dhangaan itti qopha'aan, meeshaa harawaan kan bitamaan kun hundii yeroo

itti sona'aniidha.Ateetee bulchuuf guyyaan tokko yeroo hafu bakka itti dallaa loonii ijaaran qopheessun dallaa loonii haaraa ijaaru. Walumaagalatti wantoota qophii ayyanichatiif barbachiisu yeroo itti qopha'uudha.

### 4.1.2. Gochaa yeroo sirna ateetee

Akka aaddee Zannabuu (12/10/2011) irraa odeefadheetti gochi itti aanuu gochaa sirna ateetee gaggeessuti.Sirni kuniis jaatanii facafannaa jedhama.Kuniis guyya kibxata dallaa loonii ijaraani baala hindheefi ejeersa keessa dhaabu. Balbala lamaan irras nidhabama. Baalli dallaa loonii keessa dhaabamu kun hiika mataa isaa qaba.Kuniis mallattoo warra ateetee bulfatuu ibsa.Guyyuma kana abban mana dargaggoota waliin deemani jabaa muranii galchu.Gaafa ateeteen seentu galgaala haatii ateetee hokoleefi siqqee qabattee facaastuu sirna ateetee qajeelchitu caaccuu gateettii irra bustee malkaa bu'aani hokoleetti bishaan warabanii; bala anbaltaa qabatanii deebi'u.Erga deebi'aan baala anbaltaa qabatanii manatti galu.

" Yaa anbaltaa faloo
Foolii kee yaa ayyoo

Natti urga'ee hoo" jechaa iddoo qorxiifi sabaroo hafu.Kana jechuun ateeteen waan gaarii qabaachuu, nama hawwachuu ibsa.Ayyoo jechuun immoo ateetee haadha koo jechuu ibsa.

Akka aaddee Nigaatuun (12/10/2011) irra odeeffannoo argadheetti gaafa ateeteen seente galgala rawwii gara garaatu duraa duubaan gaggeeffama.

- **Samaa furuu**:-Samaa furuu jechuun dhadhaa yeroo dheeraa kufama turee sirna kanaaf qopha'e banuudha.Kanaas facaaftuutuu banee baksa.Facaastuun galgala sana sunqoo ittiin baksiitu akooftee tumttee qopheessiti.Yeroo dhadhaa ateetee baksuuf sabaroo bantu akkas jechuun jalqabu.

"Suunqoo sunqoo jettee ateeteen
Ateetiyyoon waggan gahee
Waggan geenyaan qorxii furee
Waggaan geenyaan sabaroo furee
Ateetiyyoo hoomii jala
Kottee loonii jala
Siin wammadhaa howwaadhu naa jalaa" jechaa farfatuu.

Suunqoo suunqoo jettee jechuun urgooteet mana urgeessite jechuudha.Ateetiiyyoon waggan gahee, qorxii furee, sabaroo furee jechuun ateeteen nagaan guyya ateeteen nu gahee ykn laguu jalaa bane jechuudha.Ateetee owwaadhu nu jala jechuun kadha keenya nuuf dhagayii jechuudha.haaluma kanaan dubartoon sirniicha irratti argamanis faaruu kana wal jala qabanii farfatu.Facaaftuun yeroo kana xuwwee irra keessee samaa baksiti.galgaluuma kana dubartoonni dhufaniis wal gargaraanii marqaa marquu egaalu.Yeroo marqaa marqaan jabaa muramee ibiddarra ka'anii xuwwee irra ka'u.xuwwee irra ka'an kanatti bishaan okolewetti warabanii fidan okkotee marqaatti naquun marqaa ittn marqu.



**Suuraa 3 Okoolee keessaa bishaan okkoteetti naqan agaarsiisu.**

- **Horii irra bowwoo kasuu**:-sirni horiirraa bowwoo kaasuu akka sirnichaarraa daawwatametti galgaala yeroo marqaa marquu jalqaban loon bakka jiraniitti gad ba'aanii loon faarsaa bakka isaan ciisaanii dammaksu. Kuniis moortuufi waan lafaa( jinni ) qee irra fageessuuf jedhama.Sirna kana namoonni yeroo sana manatti argaman hundi irratti hirmachuun akaas jeechaa gad ba'u.

“Dongooraan dogoorsaa
Haadha ateetee naaf dammaksaa
Doongooraan dongoorsaa
Abba mana naaf dammaksaa
Doongooraan dongoorsaa
Sa’a ateetee naaf dammaksaa” jechaa gad ba’u.

Erga gad ba’anii dalla loonii keessatti akkas jechuun horii farsu.

“Hoora galaa, gurraaleen horaa gala ..horaamee yaa loonii
Hooraa galaa horaamee yaa loonii
Yaamuuka ijaa dhanquu
Yaa mortuu ija’a qaphuu
Ijji waaq siihaa arguu
Horii koo jalaa maqquu..horaamee yaa loonii
Hoora galaa, gurraaleen horaa gala ..horaamee yaa loonii
Hooraa galaa horaa mee yaa loonii
Utuubaa waleensuudha
Loon gumaata deessuudha…hooramee yaa loonii
Yaa mutaa mataa dhanquu
Yaa budaa ija qaphuu
Loon koo duraa maqquu”.jechuun farfatuu.(maddi Dibaabee Dachasaa )

Faaruun kun kan ibsuu-horiin nagaan hora dhuganii akka galan, mortuufi budaan horii kana akka hin dandeenye hawwuu ibsa.Faaruu kana keessatti gaaleewwan ‘yaa mortuu ija qaphu,yaa budaa ija qaphu’jedhaman kan ibsan mortuufi budaan horii akka hin dandeenye hawwuu ibsa. Akkasumas gaaleen ‘utubaa waleensudha, loon gumaata deessudha’yaanni jedhu immoo fayidaa loonii ibsa.Walumaa galatti loon hora dhuganii nagaan akka galan,mortuufi budaan akka isaan hin mine, horiin fayidaa deessuuf akka qaban faaruu kanaan ibsatu.



**Suura  4 dallaa loonii keessatti yeroo farfataan agaarsiisu.**

Itti aansee yeroo alaa deebi’aan horii ateetee manatti galchanii hanga isheen dhoqqee bustuutti eeguu. Yeroo dhoqqee buuste jalaa kasanii lafarra hoofaa sabaroofii qorxii bira boroo kaa’uu. Sana booda sirnii jifuu ateetee itti fufa.Hanga bari’uutti dhangaa qopheessuun marqaa gosa adda addaa marqaa barisiisu.As keessatti dhoqqee sa’aa lafarra ofaanii qorxii biraan ga’uun horiifi ateeteen akkasuumas meeshaan ateetee akka gargaar hin banee hawwuutti fakkeeffama.



**Suura 5 dhoqqee  sa’aa ateetee agaarsiisu.**

**Facaafannaa :-** facafannaan ganama gafaa sirni ateetee gaggeefamuu barii ka'anii facaafatu. Kuniis dhangaa halkaan qopheessa bulan osoo hin nyaatiin haati ateetee uffannaa qopha'ee of irra bustee facaastuu ykn nama ateetee qajeelchuu waliin aannaan buruksu. Kana jechuun itittuu kuufamaa ture bananii waliin makanii wadaajaf qopheessu.Sana booda haati ateetee diriirfattee teessi.Facaastuun immoo dhadhaa baksaa buna duudaan baksanii facaafachuuf qopha,ee morma isheetti facaastii.si'a saddeet iliilchaa erga itti facaastee akkas jechuun kadhatti.

"tolii lubbuu nu dhereessi
Nagaa nuuf kennii
Namaafi horii nuu eegii
Ateetee ateetee nagaa nuuf godhi
Tolii nu tolchisiis" jechaa kadhatu**. (maddi Zannabuu Googoolaa)**

.Walaaloon achii keessatti 'tolii nuu talochisiis'jedhuchuun immoo waan gaarii sirra barra, nuu qajeelchi, gaarumma nutti agarsiisi,nuutolii jechuu ibsa.



**Suura 6 yeroo facaasa facafattu agaarsiisu.**

- **Sirna nyyatafi dhugatii** :-sirna kan keessatti dhangaa gara garaa qopha'ee hirmattoota ayyaniichatiif kennamuun nyatamuudha. Sirna kana keessatti haala adda addaatiin dhangaa gosa gara garaa dhiyaata. Akkasuumas gumaata dhufeefi jifuu ayyanichaa

guutuuf faaruu gara garaa farfachaa sirnichi itti fufa.jalqaba horii ateetee jabbii hosisanii irraa elmatu. Aannaan elmame kana hin kaa'an.Dargaggoo aannan kadhataniif kennama.aaannaan kana qodaa aannaniin jilba abbaa manaa irra kaa'u.Innis dhungatee akkas jechuun ebbisee ijoolleef kenna.

" Horaa dallaa guutaa,bobba'aa bakkee guutaa!
Dheedaa barbadeessa,dhugaa booreessaa!
Kormi cirrii ta'ii, yaabii qabadhu!
Rimaan haphee ta'ii ,itti qabadhu!
Iji amaan isiin hin argiin ,goomataan isiin hin argiin!"jechuun eebbiisa
(maddii, Dachaasaa Baay'isaa)

Eebbi kuniis kan ibsuu horaa dallaa guutaa, bobba'aa bakkee guutaa …kan ibsu qabeenya bay'ee horachuu hawwuu agaarsiisa.Kormi cirri haa ta'u,rimaan haphee haata'u…jechuun hormaanni walirraa hin citin,loon hin maseenin ,horri hin dhabbatin yaada jedhu hawwuu agarsiisa.

Eebba kana booda aannan jilba abbaa manaa irra jiru dargaggoonni aannan kadhatani dhugu.Aannan kadhachuun jifuu ateetee gutuudha malee aannan barbaachuu qofaa miti.

Haaluma kanaan dargaggoonni akkas jechuun aannan kadhatu.

" Hoo yaa loonii mee aannan yaa loonii!
Hoo yaa jabbii mee aannan yaa jabbii!
Gurralee guru kuula ,gurruu sagalee kuulaa
Mee aannan yaa loonii! " jechuun aannan wal harkaa fudhanii dhugu
.( maddi Hayiluu Dachaasaa)

Ergaan faaruu kanaas horiin,jabbiin aannan akka hin dhabamne hawwuuf mee aannan yaaloon,mee aannan yaajabbii jedhu.Ibsi isaa aannan kadhachuu qofa osoo hin taane horiin akka gargar hin baane hawwuu ibsa.

Erga aannan dhugamee marqaa jafuree nyachuun itti fufa.Jafuree kan nyaatu ijoollee dhiira qeerroo caacee jedhamaniidha.Qeerroo caaceen erga aannan dhuganii marqaa jifuu ateetee nyaachuuf akkas jedhanii kadhatu.

" Mee jafuuree, hoo jafuuree" jechuun wal jala qabanii jedhu. Facaaftuun immoo

jafureen walisiin gahee jechuun gaafatti.sana booda jafureen nyaatama.

**Suura 7 aannaniifi jafuureen yeroo kadhatan agaarsiisu**

- Wadaaja marqaa wandaroo laachuu -.sirna kana keessatti wadajaaf (keessummaf) marqaaf aannan nidhiyaata.Marqaa amma dhiyaatu, marqaa isa dura jafuree jedhamee qeerroo caaceen nyaatan miti. Marqaa dhiiraa kan garbuu hororame irraa marqamuudha. Kunis wandaroo jedhama. Wandaroon kan nyaatamu erga jafureen nyaatamee booda, keessumma ayyanicha irratti argamuunidha.Yeroo kana abbaan manaa okoleedhaan fuudhee eebbisee qeerroo caacceetti kenna. Innis fuudhee wadaaja ayyanichaaf hira.Wadaajni ayyanichaas marqaa nyaachaa akkas jechuun loon faarsu.

“Horaa yaa loon, horaamee yalooni
Isaan gaafa lamaa,isaan gaafa nafaa,
Keessumaayyuu caala qabaa horaamee yaaloonii,
Horaa yaaloon horaamee yaaloonii,
Isaan gaafa dalgee,isaan gaafa sanee,horaamee yalonii
Isaan gumaata beekani,isaani jifuu beekanii,horaamee yaaloonii,
Horaa yaaloon horaamee yaaloonii,
Keessaayyuu yaasawwaa,saawwaa eessa gatuu,
Hundasaa abdatuu,horaamee yaalooni,
Saawwan saawwanii, muchii arfan aannanii,horaamee yaaloonii,
Horaa yaalooni,horaamee yaa loonii”…jechaa faarfatu.

Maddi (Hayiluu Dachaasaa)

Faaruun armaan olii kun, fayidaa loon qaban, keessattuu kam akka caalchifatan ibsa.Haaluma kanaan sirni guyyichaa raawwata.

### 4.1.3. Raawwii Ateeteen Boodaa

Raawwiin dhumaa sirna ulmaa bahuuti.Kunis kan raawwatu, Ateeteen seentee gaafa guyyaa sadaffaati.Guyyaa kana ganama faacaaftuun kaatee marqaa marqiti.Marqaa kanas okolee lamatti guutti. Okolee tokko facaaftuun fudhattee galti.Okolee tokkoo isa hafe immoo, erga marqaan sonaa'ee booda horii qeetti deebisanii marqaa nama mana jiruuf laatanii booda horii bobbasu.Jaatanii horii bobbaasuu keessattis haati warraa siiqqee qabattee baatee,akkas jechuun horii eebbisti.

"Ateetee haadhakoo,
Saddeeta saddeetan naa naanna'i,
Kormi cirri haa ta'u,
Rimaan haphee haa ta'u,
Okoleen haa marmaartu,
Weessoon haa mandiitu,
Dhalataan haa guddatu,
Guddaan haa bulu"jettee eebbisti.

Maddi (Zannabuu Gogolaa)

Eebba kana booda haati ateetee manatti deebitee mi'a soneesitee,mana hartee,qorxiifi sabaroo meeshaalee ulfoo Ateetee waliin walkeessaa keessee hanga saddeetaatti deebistee olkeessi.Dhoqqee sa'a Ateeteefi haraa manaa baastee harcaasaa gatti.Haraa kana harcaasaa deemuun ishee jifuun ateetee akka walirraa hin cinnee hawwuu ibsa.Jaataniin Ateetee bulfannaas haala kanaan xumurama.

### 4.2.Gahee hirmattoota ayyaana ateetee

Akka hawwee Zannabuu (13/10/2011) irraa odeeffannoo argadheetti guyyaa ayyaanni ateetee kennamu hirmattoonni hunduu gahee mataa isaanii qabu.

- **Haadha ateetee** –Haatii ateetee ishee ayyaana ateetee bulfattudha.Isheenis qophii sirna duraa irraa egaaltee hanga xumura sirnichaatti waan barbaachiisu hunda mijeessun waan barbaachisu qopheessiti. Guyyaa sirnichaa dubartoota achitti argaman waliin hirmata.Galgala gaafa ateeteen seentu laga bu'anii bishaan warabuun dhangaa ateetee qopheessa bultti.Ganama subbii kaatee uffannaa ayyanichaaf qopha'ee uffattee

facaafatti.Hanga gaafa ulmaa baatutti boroo teessee sirnicha gaggeessiti malee manaa hin baatu.Gaafa ulmaa baate, marqaa marqitee qooda lamatti bastee tokko kessuummaf latti tokko immoo facaaftuun akka fudhattee galtuuf kennitiif.sana booda mana hartee mi'a ateetee soneesitee.jaatanii Ateetee xumurti.

- **Abbaa manaa**:-abbaan manaa, dubartii ateetee facafattuus sirnicha qopheessuu keessatti gahee hedduu qaba.Guyyaa sirnichaa dura ollaa waliin dallaa loonii haaraa ijaaruu irra eegala.Dallaa haaraa keessa baala hindheefi ejeersaa cabsanii dhaabu.Itti aansuun jabaa muranii galgala gaafa ateeteen seentuuf qopheessu.Ganama gaafa sirniichaa yeroo haati ateetee facaafattu bira dhabachuun uffanna bitamee itti uffisee, mijuu aannani irraa unee eebbisa.Itti fufuun wadaaja argaman kessumeessuun hanga xumuraatti sirnicha gaggeessa.
- **Facaaftuu**:-Facaaftuun kun nama ateetee qajeelchuudha.Facaaftuu kan filatan nama sirna ateetee sirritti bekuufi kan yeroo hundaa nama biraa hin hafne haadha caaccuu jedhamti.Haati caaccuu adeemsa sirnichaa hundaa qajeelchiti.Hanga gaafa ulmaa bahaniitti haadha ateetee waliin bakka qorxii ta'aanii sirniicha rawwatu.
- **Qeerroo caacee**:- Qeerroo caaceen ijoollee dhiiraa warra sirnicha sana irratti argamaniidha.Guyya ateeteen sentee kaasee hanga sirnichi raawwatutti faaruu adda addaafi nyataafi dhugaatii adda addaa keessatti adda durmaan hirmachuun sirnicha midhaksu.Wadaaja ayyaniicha irratti argamaniis isaantuu kessumeessa.
- **Manguddoo** (jarsoolii ollaa):- manguddoonni waamaman ayyanicha eebbisuun nagaafi badhaadhiina hawwan ibsu.Nyaatafi dhugaatii qopha'e akkaataa seera isaatti akka dhiyatuufi qaama dhimmi ilaalatuuf eebbisanii akka kennamuu ofkalchuun ayyaniicha guutuu taasiisu.
- **Dubartoota ollaa**:-Dubartoonni ollaa gumaata adda addaa qabatanii ayyanicha irratti argamu.Akkasumas haadha ateetee cinaa dhaabbachuun waanta hojjatamu hunda deggaruun qopheessu.Akkasuumas faaruu ayyanichaa farfachuun ayyanicha miidhaksu.
- **Ilmaan haadha ateetee**:-ilmaan dubaraa kan mana godhatan yoo ta.an dhangaa fiduun jifuu ateetee guutu.Warri kaan immoo hojii hojatamuu hojachuun sirniichi akka milka'uu tasiisuu keessatii gahee isaani bahatu. Walumaa galattii sirna ateetee gaggeessuuf qaamooleen hundii qooda mataa isaani bahu. Hirmattoonni kunniin hundi isaani sirniicha milkeessuu keessatti gaheen isaanii olaanaadha.

### 4.3 Meeshaalee sirna Ateetee keessatti fayidaarra oolan

Akka Haawwee Loomitaa (11/10/2011) irraa odeeffannoo argadheetti, ayyaana Ateetee kennachuuf meeshaaleen fayidaa irra oolan hedduudha.Meeshaalee kunniin gosa adda addaa qabu. Sirna kana keessatti waan garagaraaf fayyadus. Isaanis meeshaalee dhangaa itti qopheessanifi dhangaa ateetee,meeshaalee yeroo tokko qofa itti fayyadaman ykn meeshaalee battalaafi meeshaalee ulfoo jedhamu.

#### 4.3.1. Meeshaalee dhangaa Ateetee itti qopheessanifi dhangaa Ateetee

Akka Hawwee Loomiitaan jedhaniittimeeshaaleen dhangaa ateetee itti qopha'aan dhangaa Ateeteef qopha'aan waliin deemu.Meeshaaleen kunniin sirna kanaaf ofdanda'ee meeshaalee haarawatu bitama. Meeshaaleen kunniin kan bitaman meeshaalee aadaa kan ta'an,kan hawaasichaan hojjetaman ta'uu qabu.Meeshaaleen kun baayyeen isaani sirna kanaaf yeroo tokko qofaa tajaajilu.Sababiin isaas Ateetee saddeetaan yeroo bulchan meeshaalee haarawa waan barbachiisuuf si'a tokko sirnichaaf yoo oolchan sirnicha booda dhimma birootiif tajaajilu.

**Gundoofi Gingiilchaa**

Gundoofi Gingilchaan sirna kanaaf haarawatu bitama.Meeshaaleen kun lamaanuu meeshaalee aadaa kan hawaasni ofumaa qopheessun itti fayyadamuudha. Meeshaaleen kun migira irraa hodhamanii itti fayyadamu.Meeshaaleen kun sirna kana keessatti kan fayyadaan gundoon daakuu marqaaf qopha'u itti safaranii dhiyeessu.yeeroo marqaan marqamu gundoo irraa dakuu ammaranii si'a saddeet ililchanii ukkotee marqaan itti marqamuuf ibidda irra kahameetti naqun marqu.

Gingilchaanis haaluma kanaan migira irra kan hojjetamuudha.Haalli ittin hojeetamu gundoo irraa adda kan ta'eedha.Akkuma maqaa isaa jalaan uu'uraa ta'ee irra keessaan marfamee hodhama.Innis midhaan marqaa kan warra dhiiraa, garbuu hoororamee affeelamuutu itti dhiyata.

**Okkoteefi Gaasuwwee**

Akka haawwee Zannabuun jedhaniitti sirna kabaja ayyana Ateetee keessatti meeshaaleen akka okkoteefi gaasuwwee harawaatuu qopha'a.Sirnicha booda garuu dhimma biroof itti gargaramuu akka danda'an ibsuun yeroo Ateeteen saddeetaan dhufu meeshaaleen kunnin haaran bakka

bu’uun sirnichaf akka barbachiisu himanii jiru.

Meeshaaleen kunniin suphee irraa hojjetamu. Kanaaf meeshaalee aadaa waan ta’aniif filatamu. Okkoteen sirna kana keessatti tajaajiila adda addaaf ola.kuniis akkamua tajaajiilli isaanii adaa addaa ta’e hangi isaaniis adda adduummaa kan qabuudha.

Okkoteen aanaan itti kufaamu jira,kan marqaan itti marqamuufi xuwwee dhadhaan itti bakfamu qopheessu.

Gasuwween meeshaa suphee irra hojeetamu ta’e ibidda keessatti waanti nyaataaf qophaa’u irra kaa’uun kan bilcheeffamuudha.



**Suura 8 suura kana keessatti okkoteefi gaasuwween mul’atu.**

**Waciitiifi Okoolee**

Waciitiin Meeshaa aadaa kan suphee irraa hojjetamu ta’ee sirna Ateetee keessatti faayida irra oolu qaba.Waciitii marqaa warra dhiiraa kan garbuu horooramee irraa hojetameetu itti bafama.Achi keessatti dhadhaa samaan bakfamee itti basamee urgeeffanmee qabana’a. Sana booda achii keessaa okolee guddatti gutaani,qadaada okolichaattis guutaan facaaftuun abba manaatti kenniti.Abban mana fudhee okolee kessaa sadii afaan kawwatee, qadaada keessaas sadii afaan kawwatee eebbisee qeerroo caaceetti kenna.Qeerroon filatamee kuniis wadaaja ateetee sirnicha irratti argamaniif qoqqooda.Marqaan okoleefi qadaada okooleetti bahee kun kan hadhaafi kanilmoo jedhama.Dabalataaniis okolee haati ateetee lagaa bishaan itti warabdee bishaanichaan marqaan ateetee marqama.





**Suura 9 Okolee yeroo abbaa manaafi qeerroo caacee harkaatti marqaan mul'atu.**

### 4.3.2. Dhangaa Ateetee

Akka haawwee Loomitaa (11/10/2011) irraa odeeffannoo argadhetti,dhangaan ayyaana Ateeteef qophaa'u dhangaa yeroo lafaa nyaatamuu miti.Ayyaana kanaaf jedhamee dhangaa qophaa'utu jira.Dhangaan kun kan ynatamuufi kan dhugamuu qaba.Dhangaaleen kuniis kan aadaa Oromoo keessatti beekamaniidha.

### Dhangaa nyaata Ateetee

Nyyannii gafa ayyaan ateetee qopha'uu biddeenaafi marqaadha.Marqaan kun gosa lamatuu qopha'a. Inni tokko galgala gafa Ateeteen seente marqaa dakuu garbuu irra hojeetamu marqaanii bulchu. Ganma gafa kabaja ayyaniichaa marqaa marqamee bule sanatti itiittuu naqanii jafuuree jedhamee dhiyaata.Marqaan kun ashaboo malee marqama.Dhadhaaniis itti hin naqamu.Marqaa inni lammata garbuu horooramee irra kan qopha'uudha.

Innis ganama gafa ayyaniichaa marqamee okoleefi qadaada okoleetti naqamee dhadhaa samaa ateetee itti naquun mi'eessanii qooda fudhattootaa ykn namoota wamiicha irratti argamaniif kan dhiyatuudha.Kuniis marqaa dhiiraa jedhamuun beekama.Dabalataaniis biddeenni tolfamee keessumoota dhimmicha irratti hiramataaniifjala bulttii sirniichaa irra egaalee hanga ganama marqaan dhiraaqopha'uutti biddeennifi dhangaan gumataa dhufee ni nyatama.



**Suura 10 bidden dirirsan dhiheessuu agarsiisu**

### Dhangaa dhugaatii

Akka hawwee Loomiitaan (11/10/2011) odeeffannoo argadheetti dhugaatii sirna kabaja ayyana Ateeteef qopha'uudhugaatii aadaa kanneen ta'aniitu qopha'a. Dhugaatiin kanneen Dikiita ykn farsoo Oromoo, annaan itittuufi hayeetuu ykn annaan ho'aahirmattoota ayyanichaatiif dhiyata ykn kennama.

Farsoon kan yeroo hunadaa dhugamu ta’e keessumoota sirna kana irratti argamaanif dhiyata.Kan bira immoo farsoo Oromoo ykn dikiita jedhama.Gostii dhugaatii kun midhaan garbuufi biqiila garbuu qofaa irra qopha’a. Dhanga kan qopheessuuf ji’a tokko hanga ji’a lamaa fudhata.Dhugaatiin kun bifa lamaan dhiyachuu danada’a.Dikiita isaa bifa nyaataan yoo ta’u kan biro immoo dikiiticha bulbulanii akka dhugamuutti kan dhiyatuudha.Dhugaatiin biro sirna kana irratti bal’inaan dhugamu aannaan. Aannaan yeroo sirna Ateetee hin kufamu.yoo elmaniis sirritti hin elmaan jabbiif dhisu.Kan elmaamees namootaafi ijooleetu dhuga. Aannaan dura kufamaa turees itiittuu isaa namni barbadee hunduu dhuguu dana’a.





**Suura 11 dhugaatii farsoofi aannani agarsiisu**

### 4.3.3. Meeshaalee Battalaa

Meeeshaaleen battalaa kan jedhamaan sirna kana keessatti guyya ayyana sanaa qofaaf tajaajiila kan keennaniidha.Meeshaaleen kunniin bayiinaan biqiilootqota nannootti argamaan irra dhimma kanaaf kan olaan ta’ee yeroo biro tajaajiila kan hin keniineedha.Si’a tokkicha itti fayyadamnaan ni gatamuu. Yeroo Ateeteen saddeetan bilfamu kan biraa fiduun dhimma itti bahu malee sirniicha keessa hafuu hin danda’an.Dhimma kan guutuu tasiisu. Meeshaaleen kunniin kan akka jabaa, anbaltaa, baala hindhee, ejeersa,coqoorsafi masarata fa’a. Isaaniis tajaajiila gara garaaf oolu.Jabaan muka dhanquu lama murani  gafa Ateeteen seentuu ibiidda irra kahuu.yeeroo inni qabate okkotee marqaa irra kahamee marqaan ittin marqama.Hanga gafa ulmaa bahaaniittiibiddi akka hin dhamnef gargaara.Ambaltaan immoo yeroo okkotee irra kahaan arsaani, iliilchanii,okkotee marqaatti boobeessu.Masaraataafi coqoorsa iddoo qorxiifi sabaaroo hafu.

Yeroo facafataan haati ateetee isaan facaafatti.Ejeersaafi hindheen baala isaan cabsanii yeroo laga deebi'aan balbalaa lamaan irra dhaabu.

### 4.3.4 Meeshaalee ulfoo Ateetee

Akka hawwee Zannabuun (14/10/2011) irra odeeffannoo argadheetti meshaaleen ulfoo ateetee meshaalee ayyaneeffanna adda addaaf oolaan, meeshaalee safeeffataaman, meeshaalee aadaa Oromoo ibsaniifi hawaasicha biratti kabajamaniidha.Meshaaleen kun sirna Ateetee keessatti fayidaa adda addaa qabu.

**Calleefi Caaccuu.**

Hawwee Zannabuun 14/10/2011)akka ibsaniitti Calleefi Caccuun meesha ulfaa, meeshaa kabaja qabaan. Akka aadaa Oromootti dubaartiin Calleefi caccuun fayaamtee sirna adda addaa irratti argamti.Meeshaaleen kunniin kabaja ayyana ateetees ta'ee sirnoota biro keessatti dubartoonni ittin fayamaniidha.

Caaccuun kan hojjetamu googaa goroomsaa irratti eleellaan laka'amee hodhama.Caaccuun kun yeroo hunda hin qopha'u.Yeroo jalqaba ateetee qajeelfataan hodhama.Isuuma guulaan eebbisee itti Ateetee qajeelcha.sana booda meeshaa ulfaa ta'ee kabajaan ta'a.Calleen immoo Callee bifa adda addaa qabu diranii dubartiin hidhatti.Calleen Caaccuu waliin kabaja wal fakkatuu qabu.Yeroo hunaa hin qopheessan.Akkuma Caaccuu yeroo ateetee qajeelfataan diramee hooda gafachuun gulaa eebbisiisaan itti fayyadamuu jalqabu.sana booda isuuma irra deddebi'ee,tajajiila



**Suura 12 Caaccuu haadha ateetee harka jiruu agarsiisu**

**Ulee Waddeessaa (Siiqqee)**

Aaddee Zannabuun (14/10/2011)Irraa odeefannoo akkan argadheetti siqqeen meeshaa ulfaa sirna Ateetee keessatti faayidaa irra oolu keessa isaa tokkodha. Meeshaan kun tajaajiila heddu kan qabuudha.Kuniis sirna Ateetee keessatti haati Ateetee qabattu ille dabalaataan gafa ayyaan ganama aannaan kufamee ture abba mana itti sochoosee hirkiisa.Kuniis sirniicha keessatti aannaan buruuksuu jedhama.Kan biraas haatii Caaccuu ykn facaastuun qabattee marqaafi aannaan mijuu dhiyeesiti.



**Suura 13 Mijuu annanii facaastuun dhiheessitee abbaa manaa  siiqqeen tuqee eebbisu agarsiisu**

**Qorxiifi Sabaroo**

Akka hawwee Nigaatuu(11/10/2011)irra odeeffannoo argadheetti meeshaaleen Ateetee kun migiira irra kan hodhamani qopha'aniidha.Qoorxiifi sabaroon haala wal fakkatuun hodhamu.Hangi isaanii garuu wal caala. Tajaajiilli isaaniis gargaari.Qorxiin hangii isaa guddaa ta'ee golbeffamee hodhama.Sirna Ateetee keessatti garbuu dheedhii itti naquu.Gubbarran immo yeeroo marqaan jafuuree qaqqabee afaan isarra baala busani marqicha itti basu.Qorxiin sirna kanaaf yeroo hunda hin hojjetamu. Yeroo ateetee qajeelfataan qopheessu. Sana booda hanga cicciitutti kabajaan ta'ee saddeta saddeetaan gadi fudhama.Yeroo sirniichi darbee caccuufi callee ateetee keessa olka'u.Sabaaroon immoo meeshaa ateetee ta'ee akkuma qorxiitti hodhama.Hangi isaa amma qorxii hin gahu.Sabaaroon dhadhaa ateetee yeroo dheeraaf kuufamaa turee ykn sama ateetee guyyaa ayyaana itti safaramee qorxii bira taa'a.isa keessa amma barbadaan faccaftuun

baksiiti.sana booda yeroo samaan keessa dhuumee meeshaa ateetee waliin hanga ateeteen saddeta gahuutti kahama.






**Suura 14 Qorxiifi sabaroon sirnicha keessatti dhihaachu ibsa.**

**Qoloofi Burree**

Akka Haawwee Bijigee (13/10/2011) irraa odeefannoo argadheetti qoloofi burreen uffannaa gaafa ateetee uffatamuufi kan aadaa Oromoo ibsu ta’uu qaba.Uffanaan kun jirbii irraa hojjatama. Uffanna yeroo biroo uffatamu irraa adda. Uffannan kun gama tokkon kuula gurracha, giddun adii, gama tokkon immoo kuula diimaa ta’ee hojjatama.Halluuwwaan kunis aadaa Oromoo birattis safuu mataa isaa waan qabaniif jedhama.



**Suura 15 uffannaa haadha ateetee agarsiisu.**

**Gaadiifi Amoolee**

Akka manguddoon Dachaasaan (13/10/2011) irra odeefannoo argadheetti gaadiifi amooleen meeshaa horii waliin walqabatan ta'ee meeshaa oodaa hawaasa Oromoo biratti safuufi kabaja kan qaban akka ta'eedha. Amooleen loonif kan kennamu ta'uyyu soorata looni miti.kanaaf kabajama.Gaadinis kan hojjatamu haada ykn qaanca irra sadii sadiin dindiinama.Gaadiin hawaasa Oromoo biratti ni safeeffatama.Tajaajiilli isaas horii yeroo elman ittin gaadi'uu ta'us tajaajiilli dabalataan qabu meeshaa itti waaqa araarsaan, meeshaa oodaa akka ta'eetti ilaalama.Yeroo hongeen baay'ateemanguuddoonifi beerraan gaaraafi lagatti bahaani waaqa kadhatu.Akkasuumas didaan akka amla goodhatuufi damboobu tasiisa. Amooleen horiin dheedanii akka wal horaniifi marga dheedaanii akka barbadeessaniif kan fayyaduudha.

### 4.4. Fakkoommii Meeshaalee Ateetee

Fakkoommiin hiikaa hawaasnii jiruufi jireenya issa keessatti gaggeessuuf, waanta itti jiraatuuf, dhangaa nyaatuuf,sirna gaggeessuufi gochaa rawwatuu hundaaf waan oodatuufi ilaallatuu qaba. Haaluma kanaan meshaaleen ateetee akkuma gosafi fayiida gara garaa qabaan fakkoommii ykn hiika mata isaanii qabu jedhu odefkeeniitoonni.

### 4.4.1 Dhangaa Ateetee

Akka aaddee Nigaatuu (14/10/2011)irra odeeffannoo argadheetti dhangaan sirna Ateeteef qopha'uu midhaan irra qopha'uufi haala itti qopha'uu akkasuumas sababa ykn hiika mataa isaa qaba malee akkuma barbadameetti kan hojjatamuu miti.

- **Biddeena**.biddeenni gafa sirna Ateetee nyaatamuu biddeena yeroo bira nyatamuu yoo ta'ee illee haalli itti nyatamuufi itti dhiyatuu safuu mataa isaa qaba. Kunis, sirna kabaja ayyaana Ateetee irratti yeroo haatii ateetee faccafattu qooda fudhatootaaf ykn wadajaa ateeteef biddeena dhiyaatuu diriirsanii dhiyeesuu. Kanaas abban manaa eebbisee nama mana keessa jiruu hundaa qammasiisa ykn nyachiisa.Biddeena diriiraa jechuun qe'ee baldhifachuu, qabeenya baldhiifachuu,horii bayiifachuu,waan bal'aafi baay'ee hawwuutti fakkeeffama.
- **Marqaa**:-marqaan gosa lamatuu marqama. Tokko marqaa jafuree jedhamutu marqama.Tokko immoo marqaa wandaraa jedhama. Lamaanu hiikaafi fakkoommii mataa isaanii qabu.Marqaa jafureen,marqaa soogidda hin qabnee,Kan dubartiin itti facaafattuudha.Marqaan kun soogidda hin qabu, dhadhaan itti hin godhamu.Yeroo nyatamu itittuu kufamee ture itti naqanii daa'imman jafuuree kadhataaniif laatu.Sabaabiin dhadhaafi soogidaa malee qopha'uuf waantii Ateetee qulqulludha,makaa hin qabu.kanaaf qulqulliinaatti fakkeeffama. Marqaa kan haatii Ateetee itti facaafattu irra hirtee kan itti facaafattutti dhadhaa naqxii malee kan jafuureen nyattutti dhadhaa hin naqan.Kunis dhadhaan ateetee suunqoon bakfama, Makaa qaba jechuudha.Kanaaf makaan sun nii lagatama.

Itti dabaluuniis hawwee Nigaatuun facaasaan hiika mataa isaa qaba.Dhadhaa itti facaafataan ibidda irra kahuun buna dheedhii itti naqaani danfiisu.Yeroo dhadhiichi danfee bunni keessa jiru sun danfee dhodhoye muka hiddiin sochoosu.Sana booda marqaa afaan qorxii irra ka'anii dhadhaafi buna danfisan itti naqanii facaaftuun si'a saddeet ililchaa itti facaasti. Hiddiin dhadhaafi bunaan sochoosaan immoo,hiddiin boonaafi ganna lalisaadha, hin xoolaguu,miidhaan hiddii guutuudha.kanaaf dirri horii akka midhaan hiddiitti guutuu akka ta'u hawwuttii fakkeeffama.Si'a saddeeti iliichuun facafatu.Facaastuun immoo Ateeteen saddeeta jedhan. Gadaan wagga saddeetiin dhufa kanaaf sirna gadaatti fakkeeffama jechuudha.

- **Wandaroo**:-wandaroon garbuu horooramaa irra hojjatama.Garbuu irra hojjatamuun isaas hiika mataa isaa qaba.kuniis garbuu hadhoo jedhamu filatu.Garbuu haadhoon hangafa midhaanii jedhamuun beekama.Innis angafummatti fakkeeffama.kan bira immoo garbuu kana yeroo dubartiin deesse marqaaf qopheessu.Nama cabee ittiin sooru.Farda colleef nilaatu.Kanaaf hawaasa nannoo sana biratti garbuu hadhoon kabajaafi safeeffanna gudda qaba.Angafa miidhaanii jechuun Ateeteetti fakkeeffama.Akkasuumas deessu, miidhamaa ittin sooruufi coollee ittin sooruun garumma miidhaan kana yoo ta'u kuniis gara lafumma Ateetee ibsa jechuudha.

  Marqaan dhiiraa kun okoleefi qadaada okoleetti dhiyaachuu qorattuun sirniicha dawwatteeti. Marqaan kun qodaa lamatti dhiyachuun maal ibsa jechuun gaaffii manguddoo Dachaasaa gafatameef deebiin kennamee-Marqaan okoleetti dhiyaatuu hadhaatti fakkeeffama.Abbaan manaa okolee keessaa afaan kaawwatee haadhatti tolii jedhee hadha ateetee eebbisa. Sana booda namootaaf dhiyata. Kan qadaada okoleetti dhiyatuu immoo ilmootti fakkeeffama. Haaluuma wal fakkatuun abban mana qadaada okloee keessaa afaan kaawwate ulee ykn siinqee haadha Ateeteetin tuqee ilmoo eebbisa.Kuniis siinqeen ulee araaraa waan ta'eef Ateeteen haadhaafi ilmoof akka toltuu ykn araaramtu hawwuudha.



**Suura 16 Facaaftuun abbaa manaaf marqaa wandaroo yoroo dhiheessitu.**

- Farsoo Oromoo:-Farsoon Oromoo kun akkauma dhangaa Ateetee biro garbuu haadhoo irra hojjatama. Biqila farsoo kan ittin naqanis garbuu kana biqilchaniiti.

Hiiktii isaas garbuun kun angafumma yoo ibsu isa qoofaan qopheessun immoo Ateeteen makaa hin barbaddu. Qulqullummaa jalatti jechuutti fakkeeffama.

- Aannan:-Aannan sirna kanaaf akka mijuutti dhiyaata.Mijuun kun sirna kana keessatti hiika baay'ee qaba.Aannan qulqulluudha,waliitti tooladha, kan hooma hin mineetti fakkeeffama.Aannan yeroo sirna kabaja ayyaana Ateetee jabbiin dhugdee quufti. Namni nyaatee itittuu dhuuga. Kuniis qanaanii ta'uu ibsa.Dabalataanis aannan kusaanii itiichaan mata irra qicanii jilba abba mana irra kahu. Achii qeerroo caacee lama filanii dhiyeessanii osoo hin dhangalasiin tokko fiigee dursee akka unatu taasisu.Inni dursee unatee injifate waan ta'eef aannanichi isaaf kennama.Fakkoommiin isaas jabbii ykn jabboonni wallooltee, waljifatee deebiitee waliin dheeddi waliin burraaqxi kanaaf akkuma jabbii sana wal danda'uufi waliif dhisuutti fakkeeffama.



**Suura 17 ijoolleen lamaan waldorgomanii aannan yeroo unatan.**

### 4.4.2. Meeshaalee Haarawaa

Akka manguddoo Nigiisaa(19/10/2011) irraa odeeffannoo argadheetti meeshaaleen ateetee sileettii jedhamuun beekaman jiru.Siileettin kan itti hojjatamee hinbeekne guyyaa jalqaba kan itti hojjatamuudha.Dhangaan Ateetees meeshaalee sileettitti hojjatama. Kuniis Ateeteen saddeetaan yeroo dhuftuu harooftee dhufti. Jabbiin saani ateetee dhalte haarawa si'a tokko qofaa akka jabbiin dhalateen itti bulfatu.Midhaan dhangaa ateetee irraa qophaa'u midhaan bara bahee osoo hin taane kan bara sana gale irraayi. Kanaaf meeshaaleen dhangaan itti qophaa'anis haarawatuu filatama.Fakkoommiin waan

haarawaa kana, hundi haaraa ta'uun lagachuu ibsa. Moofa lagachudha.

Manguuddoon kun maaliif moofaan lagatama? Gaaffii jedhuuf deebiin isaan keennan, hawaasiichi yeroo hunda, bara baraan qabeenya haarawaa argachuu, waan dabalataa argachuu ykn horuu hawwuutti fakkeeffama.

Meeshaaleen haroofni kanneen Gazuwwee,Okkootee,Gingilchaa, Gundoofi dallaa looniille bakka jijjiruun haarawaa ijaaru.Dallaa loonii haromsuun horii bay'iisanii horutti fakkeeffama.Gingilchaan immoo moortuu, hamtuu gadidabarsee gaariifi badhaadhiina warra sanaaf akka hambiisu hawwuutti fakkeeffama.

### 4.4.3 Meeshaalee battalaa

Akka obboo Ayyalaa (21/10/2011)irra odeeffannoo argadheetti meeshaaleen battalaa kabaja sirna ayyaana ateetee keessatti sababa dhiyataniifi hiika mataa isaanii qabu.

- **Jabaa:-** Jabaan gaafa sirna kabaja ayyana ateetee galgala jabaa muka laftoo dhanquu lama kan qabu muranii ibidda irra kaahu.Jabaan kunis amma guyyaa ulmaatti irra turuu qaba.Laaftoon kan filatamuuf ibiddi dafee irraa hin dhamu.Kunis umurii dheerachuutti fakkeeffama.Amma guyya ulmaa bahaaniitti ibiddairra tursiifama.kun immoo laguu agarsiisa.Warri ateetee bulchaan amma ulmaa bahaaniitti ibiddi manaa hin dhaamu,daangaa hin darban,mi'a manaa hin baasan. Kanaaf ibiddi akka hin dhamnee lagachuuf. Jabaan dhanquu ta'uun isaa kan filatameef immoo yeroo ibiddarra kahaan dhanquu jabaa lamaani wal keessa galchuun gubbaa isaarra okkotee marqaa kaa'u. Kunis kan ibsu lama ta'uun isaa sangaan tokko qobaa hin qotu babaateen gindii tokkon hin qotu. Lamatu waliitti hidhama, namni tokko qobaa hin horu. kanaaf tokkichii human hin qabu, lama walgargaara jechuudha.Dhanquun isaa immoo dhallii namaa horuu akka hin dhabneetti fakkeeffama.

Akka aaddee Loomiitan (12/10/2011) gaaffii maaliif jabaarra okkotee marqaa ka'u? jedhuuf deebiin kennaan wal dana'uu,wal bachuu agaarsiisa jechuun deebiisan.

**Coqoorsa**

Coqorsi marga bonaa ganna lalisaa, kan hin gogneefi hiddi isaa jabaafi lafarra kan lo'uu waan ta'eef, bonaa ganna akka coqorsa kanaa jidhinaafi akkasumas hiddi warra sanaa akka baay'atu

kan agarsiisudha. Kunis, yeroo ayyaana ateetee kabajan manguddoonni qabatanii kan eebbisaniidha. Fakkeenyaaf maanguddoonni yeroo eebbisan akka coqorsaa lafarra lo'aa jedhu. Kunimmoo, dameen keessan haa baay'atu, lafa guutaa jechuudha. Kana malees, jiidhaa lafa keessatti qabata, nilata, nilalisa waan ta'eef, akkuma nu'i jiidhinaafi lalisaa qabannee fuldura kee siif dhaabbanne jireenya keenya bonaa ganna nuuf lalisi, nujiisi jedhanii waan amananiifi. Kanumaan walqabatees coqorsi araara waaqaati, jireenya namaati. Kanaafuu, coqorsi safuufi ulfina waan qabuutti fakkeeffama.

**Ejeersaafi Hindhee**

Obboo Hayiiluu (11/10/2011) irra akkaan odeeffanno argadheetti sirna ateetee keessatti biqiloonni adda addaa hiikaafi safuu mataa isaanii qabu.Sababa malee sirna kana keessatti hin dhiyaatan. Ejeersiifi Hindheen yeroo ateetee dallaa loonii keessafi balbala lamaan irra dhaabamu.Baala hindheefi ejeersaa balbala irra dhabuun mallattoo nama ateetee bulfate agarsiisa.Ejeersi kan filatamuuf muka baay'ee jabaadha.Kanaaf hawaasa biratti iddoo guddaa qaba.Jabiina isarra kan ka'e ulee qabannaaf ni filatama.kanaaf jabiinatti fakkeeffama.Kana malees meeshaa loonii ittin urgeesuu ykn qorasuuf fayyada.Kuniis jalaalaafi garuummatti fakkeeffama.Hindheen immoo baalli isaa bonaa ganna kan hin gogneefi kan hin harcaaneedha.Baalli muka kana baay'ee lallaftuudhas.kanaaf sirna adda addaa keessatti iddoo gudda kan qabuudha.Kalaalaa yeroo maratan ,durba yeroo kadhataan akkasuumas ateetee yeroo bulfataan baala hindhee ofharkaa hin dhaban. Waanti kadhataniifi ayyaneeffatan akka baala hindhee kana akka garaa lafuuf qabatu. Kanaaf baalli hindhee gara lafummatti fakkeeffama.



**Suura 18 Suuraa –hindheefi ejersa balbala lamaan  irra jiru.**

### 4.4.4. Meeshaalee Ulfoo

Haawwee Zannabuufi Bijigeen,(12/10/2011)akka natti himanitti meeshaaleen ulfoo ateetee baay'edha.Meeshaaleen kunniin guyyaa sirna ateetee sirnichaa guutuu taasisu.Meeshalee kanneen keesaa tokko hafuu hin qabu. Meeshaaleen ulfoon kun sirna ateetee irratti kan argaman safuufi hiika mataa isaanii waan qabaniifi waan itti fakkeeffaman qabu.

#### Caaccuufi Callee

Caaccuufi calleen meeshaalee safuu kan ayyaana kana guutuu tasiisan ta'ee meeshaalee faayaa dubartootaa kan ayyaana kana itti galateefatanidha.

**Caaccuu-**caaccuun kan hojjatamu elllaa gogaa goromsaa irratti tarree tarreen  hodhanii qopheessu.Kunis caaccuun kan bakka bu'u mallattoo hormaata dubarttitti fakkeeffama.Kanaaf ulfina ykn kabaja dubartii ibsa. Caaccun gogaa gafarsaa irratti hodhamuun immoo namni ateetee qajeelfatu horii ateeteef goromsa hindhalee hidhee hanga dhaltutti eegee ateetee bulfata. Kunis goromsi hin dhallee kan filamuuf ,ateeteen waan maraa haarawaa ,kan mataa ishee waan barbaadduufi.kun immoo qulqulluummaa ateeteetti fakkeeffama.Dabalataanis hanga isheen dhaltuutti eeguun immoo obsa qabaachuutti fakkeeffama.Eleellaa gogaa goromsaa irratti hodhuun caaccudhaan horii ateetee yaadachuu ibsa.Kanaaf sirna ateetee keessatti caaccuun kabaja dubartii ibsuuf oola.


**Callee-**calleen ija harbuu diruun hidhatamuu jalqabe.Ija harbuu baay'ee kirrii ykn ribuu irratti diranii ittin ayyaneffatu.Booda garuu calleen bifa gara garaa yemmuu dhufu isa diranii ittin faayaamuufi ittin ayyaneffachuu jalqaban.Calleen kun ittin faayaamuuf qofa osoo hin taane hiika mataa isaa qaba. Ijji harbuu ykn calleen kan filameef, haati ateetee akkuma ija harbuu ykn callee sanatti namaa horii caaceesitee akka hortuu hawwuudha.Kanaaf baay'inni callee immoo waan baay'ee horuutti fakkeeffama.Akka aaddee Loomita (12/10/2011) irraa odeeffannoo argadhetti callee ribuutti diruun umurii dheerachuu hawwuudha.Ijji callee immoo baay'inan horuu,qabeenyaan bal'achuu ibsa.

**Siiqqee**

Siiqqeen sirna ateetee keessatti fayiidaa heddu akkuma qabu hiika ykn fakkoommii adda addaa qaba.Siiqqeen kan ulee harooreessaa kan yeroo Ateetee qajeelfataan meeshaa ateetee waliin qopha'udha.Siiqqee kana sirna Ateetee irratti haati Ateetee ni qabatti,facaaftuun ni qabatti,abban manas niqabata.Abbaan manaa siiqqee qabachuun isa ibsuu baatus yeroo haati ateetee jifuuf qabattu ittn eebbisee kennaaf.

Haati Ateetee yeroo laga buutee bishaan warabdu ittin malkaa eebbisti.Waaqa horiifi,qe'eef kadhattee bishaan warabdi.Kunis ittin araarfachuuf waan ta'eef meeshaa araaraa ta'uu ibsa. Akkasuumas manatti yeroo aannaan kufama ture aannan buruksuu jedhamu meeshaa aannan itti kuufame bananii, ittiin sochoosani mataa siiqqee olgaragalchaani dhaabu.Yeroo kana aannan irra ya'ee fixa isaa gaha. Kun immoo aannan horii akka wal irra hin cinnee ittin ebbiisani, ofkalchanii dhuguu jalqabu.Kuniis meeshaa ittiin ateetee kadhatanfi ofkalchaan ta'u ibsa.

Gama biraatiin siiqqee daa'imnii hin qaabattu.Akkasuumas dubartiin hin heruumin hinqabattu.Nama guddaa, jaarsaafi jaartitu qabata.Kun immoo namni guddaan ulee qajeelaa qabatee daba hin yaadu.Akkuma ulee qajeelaa qabate dulluma keessa qajeelummaa yaada.Kanaaf umurii dheerachuun akkuma ulichaa sirrummaafi qajeelummaatti fakkeeffama.

**Suura 19 siiqqee –yeroo haati ateeteefi abbaan manaa qabatanii sirnicha keessatti dhimma itti bahan**

**Uffannaa Ateetee**

Sirna ayyaana ateetee irratti uffanni haati ateetee uffattu uffannaa yeroo biraa uffatamu miti. Uffanni ateetee qoloofi dibbiqqoo jedhama.Uffannaan kunniin jirbii adiifi kuula diimaafi gurracha irra kan hojjatamuudha.Halluun kun kan filatameef midhagiinaaf osoo hin tane sababa ykn hiika mataa isaa waan qabuufi.hawaasa Oromoo biratti halluuwwaan kunniin waan bakka bu’aan qabu.

**Gurraacha-**Oromoon halluu gurracha “mallattoo qulqullummaa waaqati” jedhee amana. Kanas haqa jiruu irra ka’ani waan jedhaan qabu.Waanti mataa keenya gararraa jiru martii gurracha.Rifeensi mataa keenya gurracha,samiin gurracha,waaqa illee yeroo kadhatan “yaa waaq gurracha gara garbaa,leemmoo gara taliilaa,tokkiicha maqaa dhibbaa,ati nu dhagayii”jedhanii kadhatu.Kana irra kan ka’ee halluu gurraachii qulqulluumma waaqatti, waan nama oliitti fakkeeffama.

**Diimaa-** Halluu diimaan hawaasa Oromoo biratti waan bakka bu’u qaba.Halluu diimaan mallattoo jiereenyaa akka ta’eetti amanama.Kanas haqa jiruun yeroo wal qabsiisaan, lubbuun nama jirachuu kan dandeessu yoo dhiigni qaama keessa jirate. Namnii dhiiga hin qabnee jirachuu

hin danda'u.Kanaaf diimaan dhiga qaama keenyatti waan fakkeeffamuuf hawaasicha biratti mallattoo jireenyaa bakka bu'a. Gama biratiin immoo mallattoo gotummaati jedhama.Kanaaf halluu diimaan jireenyaafi gootummaa ibsa.

**Adii**-Halluu adiin fixannoo ykn gahaani bilchaachuufi rawwannoo agaarsisa.Kuniis haala hawaasichi mirkaneeffatuun, huuriin rooba hin qabnee adiidha,rifeensi mataa nama dulloomee adiidha,daaraan ibiddaa adiidha. Kun hunduu jireenya dhala nama wajjiin waan demaniif adiin mallattoo guutanii argamuufi raawwannootti fakkeeffama.

**Okolee**

Okoleen meeshaa loonii kan dhangaan loonii ittiin dhiyaatuudha.Okoleen hawaasa Oromoo biratti kabajaafi hiika mataa isaa qaba. Keessumayyuu sirna Ateetee keessatti safuun okoleen qabuu baayyee cimaadha.Kanaaf sirnicha guutuu waan tasiistuuf sirna sana keessaa hafuu hin dandeessu. Dhangaan Ateetee kan akka marqaa, aannaan, cuukkoofi kkf okoleefi qabeetti dhiyaatu.Okoleefi loon gargar bahuu hindana'an. Namni nama abaaru illee okoleen kee yaa fannifamuu jedha. Kana jechuun loon si hin horiin jechuudha.

Okoleen kee haajidhu, okoleen kee hin fannifamiin yoo jedhan immoo waan elmattuu hindhabiin, horiin kee hin gu'in jechuudha.Kanaafi okoleen looniifi dhangaa looniitti fakkeeffama.Gaafa sirna ateetee galgala haati ateetee laga buutee okoleetti bishaan warabdi. Bishaniichaan dhangaa ateetee( marqaa) qophheessu.kuniis okoleen yaa jidhu, loon hin gu'iin qabeenyi hin dhabamiin jechuu ibsa.Dabalataan dhangaan ateetee okoleen dhiyaata. Namoonni gumaata fidanis okoleen fidu. Gaafa Ateeteen seentu galgala hirmattoonni gumaata ykn dhangaa ateeteef dhufe yeroo nyaachuu fedhan akkas jechuun sirbu.

Yaa sawwaan goloolee cidii
Facaastuu okolee fidii
Yoo diddee mogolee citii
Ka'iiti okolee fidii.jedhu.

Haati caaccuu ykn facaaftuun gumaata dhufee keessaa okolee cuuckoo fiddee namootaaf hirti.Erga nyataani immoo akkas jechuun haadha caccuu faarsu.

Haatii caaccuu ulfiina qabdii
Eeyyeen ulfiina qabdii
Okoleen ulfiina qabdii
Eeyyeen ulfina qabdii.(Obboo Hayiiluu Dachaasaa)

Askeessatti okoleen waan gaarii, dhangaa akka cuckoo,itiittuufi aannaan, nyaata gaariitti fakkeeffama.Faaruu olii keessatti “saawwaan goloolee cidii” jechuun horiin bay’atee akka cidiitti jechuudha. Okolee fidii jechuun immoo dhangaa fidi dha. Kanaaf okoleen dhangaa looniifi looniitti fakkeeffama.

**Gaadiifi amoolee**

Amooleefi gaadiin sirna ateetee keessatti waan ooluuf qaba.Ganama gaafa kabaja ayyaana ateetee jabbii hadhatti basaani amooleefi gaadii qabatani bahu.Gaadiin kun haada sadii irra kani walitti dindiinamuudha. Haada sadii waliitti fiduun immoo ebba Oromoon sadii ebbisutti fakkeeffama. Gaadii qabachuun immoo looniif araara kadhachu ibsa.Amooleenis loon keessayyu horii dhalttiin nyaata akka nyataaniif waan isanii keennamuun tutuqanii mi’eesuuf. Kun immoo loon dhaltiin qananii ta’u agaarsiisa.Dabalataniis hawaasni Oromoo yoo hongeen cimee roobni dhabamee haati ateetee amooleefi gaadii qabatanii malkaafi garatti bahaanii akka looniitti mardhatanii waaqa kadhachuun akka roobu hawwu.Kanaaf amooleefi gaadiin meeshaa ulfoo looniif ittin araara waaqa kadhataniidha jedhama.




**Suura 20 gaadiifi amoolee agarsiisu**

**Qorxiifi sabaroo**

Qorxiifi sabaroon meeshaalee sirna ateetee guutuu taasisan ta'ee hiikaafi fakkommii mataa isaanii qabu.Qorxiifi sabaroon hangaan wal haacaalan malee haalli itti qophaa'n walfakkata. Yeroo sirni ateetee darbe sabaroon caaccuu,calleefi uffannaa ateetee waliin qorxii keessa taa'a. Kanaaf meeshaalee ateetee hunda qorxii keessa kaa'uun ,qorxiin garaa bal'aa, danda'aafi obsa ateeteen maatiifi qe'eef qabdutti fakkeeffama.Meeshaaleen ulfoo ateetee qorxii keessa kaa'aman immoo safuufi kabaja isaaniif kennamutti fakkeeffama.

## 4.5. Sadarkaa Meeshaaleen Ateetee Ammaa Irra Jiran

Meeshaalee sirna ayyaana ateetee keessatti barbaachisan meeshaalee duudhaa Oromootiin walqabataniidha. Meeshaaleen kunniin kan hawaasa Oromoon hojjatamani waan bakka bu'aniifi sababa dhihaatanif kan qabanidha.Meshaaleen ateetee kun dhangaa qophaa'an,kan dhangaa itti qopheessanifi meeshaalee ulfoo ykn safeeffataman kan sirnicha guutuu taasisanidha.

Haata'u malee,akka Nigisaa Dheeressaa (19/10/2011) irraa odeeffannoo argadhetti,meeshaaleen sirna ateetee kan dur turanirraa karaa heddun jijjiramanii jiru.Kunis ,dhangaa ateeteefi meeshaa dhangaan ittiqopha'uu akkasumas, meeshaaleen ulfoo ykn faayaafi uffannaan ateetee haala duritiin guutuu ta'ee sirna ateetee keessatti hin mul'atan. Ilaalchifi hubannan namoonni sirna ateeteefi meeshaalee ateeteef qaban baay'ee laafaa kan dhufeedha.

Meeshaaleen ulfoo ayyaanaa kan sirna ateetee keessatti dhimma itti bahamu, kanneen akka callee, caaccuu, qorxii, sabaroo, siiqqee, qoloofi k.k.f irranfatamaa akka jiran ifatti mul'ata.Kan hanga ammaa jiranis kan baay'ee dullomanifi ciccitanidha. Darbee darbee meeshaleen kunnin haarawa kan hojjataman immoo boca isaani duraa jijjiratani gara ammayyummatti deemaa waan jiraniif isaan dur turanirra adda ta'aa jiru.Meeshaleen bay'een immoo hawaasa keessayyuu dhabamani gabaa irrattis kan hin argamne jiru Isaan kunnin meeshaalee ammayyaatiin bakka bu'amani mul'atu. Kun immoo sirnicha hir'uu taasisaa jira.

Gama biroon meeshaaleen dhangaan ateetee itti dhiyaatanfi itti qophaa'an illee meeshaalee dur itti fayyadamaa turan miti. Yeroo ammaa meeshaaleen itti fayyadaman,dhangaan itti qopha'n,itti nyaatamanifi itti dhugaman meeshaalee manaa yeroo kamuu itti tajaajilaman ta'ee mul'ata.Dabalataanis uffannan sirna kana irratti uffatamus guutuu ta'ee kan dhiyaatu osoo hin

taane duwwaa akka hin taaneef hamma tokko dhiheessun yaalama. Kan dhiyatus baay'een isaa hiika isaani dhiisani gara  midhaginaatti akka jijjiraman manguddon kun ibsan.

Gama fakkoommii meeshaalee ateeteen immoo,yeroo ammaa meeshaalee kanneen sirnicha waliin walirraa dhaalurraa kan hafe maal akka bakka bu'anifi hiika akkamii akka qaban osoo hin beekin sirnicha guutuu taasisuuf qofa dhiheessu. Namoonni ateetee bulfachaa jiranille dudhaa Oromoo waan ta'eef argamuu meeshichaa malee fakkommii maalii akka qabanifi maal akka bakka bu'an hubannoo laafaa waan qabanif haala duudhafi safuu ganamaan hin jiru.

Dhumarratti meeshaaleen ateetee hir'achaafi hiikni isaa dagatamaa dhufuun sirni ateetee iyyuu akka laafe agarsiisa. Kunis kan ta'e, yeroo ammaa hawaasni Oromoo bay'een keessayyuu dhaloonni ammaa bay'een amantaa adda addaa keessatti qabamuun dhimmoota duudhaafi meeshaalee ayyaanaa kanneenif ilaalcha gaarii hin taane qabaachuun meeshaleen kunnin xiyyeefannaa akka hin arganne taasisaa jira.

## Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti dhimmoota sadi qorannoo kana keessatti xiyyeeffannoo argatantu dhiyaata. Isaanis cuunfaa,argannoofi yaboo ofkeessatti hammata.

### 5.1. Cuunfaa

Hawaasni Oromoo duudhaafi sirna adda addaa kan ittin eenyummaa isaa calaqqisiisu qaba.Sirna gaggessu keessatti immoo adeemsa raawwiifi meeshaalee sirnichaaf barbaachisan, meeshalee aadaa heddu fayyadama. Haaluma kanaan sirna ateetee gaggesuuf meeshaaleen barbaachisan heddudha.

Kanarraa ka'uun ,kaayyoon qorannoo kanaas dhimmoota adeemsa raawwiifi meeshaalee ateeteen wal qabatan qaaccessudha. Bu'ura kanaan adeemsa raawwii sirna ateetee, meeshaalee sirna ateetee keessatti argamuu qaban: dhangaan sirna ateeteef qophaa'an,meeshaa dhangaan itti qophaa'anifi meeshaleen ulfoon sirna kana keessatti argaman fakkommii isaani qaaccessudha.

### 5.2. Argannoo

Qorannoo kana irraa qorattuun argannoowwan armaan gadii argatteetti.

- Adeemsi kabaja ayyaana Ateetee yeroofi safuu mataa isaa eegee kan raawwatuudha.
- Hirmaattonni ayyaana Ateetee hundi isaani gahee adda addaa qabu.
- Meeshaaleen sirna ateetee keessatti fayyadan meeshaalee aadaa kan hawaasichaan hojjatamanfi baay'een isaanii haarawa ta'uu qaba.
- Sirna ateetee keessatti meshaaleen ateetee fakkoommii mataa isaani akka qaban hubatameera.
- Dhangaa ateetee qopheessuun safuu mataa isaa kan eeggatedha.Kunis,akka naannoo qorannoon kun itti gaggeefameetti gosa midhaani hundatti dhimma hin ba'an.Gosa midhaan garbuu haadhoo jedhamu irraa marqaafi farsoon qophaa'a.
- Sirna ateetee keessatti yeroo ammaa meshaaleen baay'een hirdhuu ta'ani mul'atu. Meshaalee hir'ataan kana meeshaalee aadaa osoo hin taanee meeshaalee yeroo biroo itti fayyadamaan kan duudhaa hawaasichaa hin ibsine sirnichaaf olchuun ni mul'ata.
- Namoonni ateetee bulfatanis ta'ee manguddoon waa'ee ateetee beeku jedhaman heddu meeshaalee ateetee irratti hubannoo gahaa hin qaban.
- Ilaalcha hawaasni yeroo ammaa sirna ateeteef qabu baay'ee laafaa ta'uu irraa kan ka'ee sirni kabaja ayyaana ateetee hafaa akka dhufe hubatameera.

## 5.3. Yaboo

Adeemsa qorannoo kana keessatti, adeemsa raawwii ateetee, meeshaalee sirna ateetee keessatti fayiidaarra oolan, fakkoommii isaani,yeroo ammaa haala akkamii irra akka jiranfi gahee qooddattoota sirnichaa ilaaluun danda'ameera.Haaluma kanaan argannoowwan qorannichaan bira gahaman irratti hunda'uun haala waliigala adeemsa raawwiifi meeshaalee ateetee yaboon qorattuudhaan kenneme kanneen kana gadiiti.

- Qorattooni afoolaafi aadaa sirna ayyaana ateetee kallatti gara garaatiin irratti hojachuun duudhaa boonsaa kana guddisuufi tursiisuu yaaluun akka dirqama lammuummatti osoo hubatani.
- Gama mootummatin Oromiiyaa keessatti waggaa waggaan guyyaan ayyaana meeshaalee aadaafi dudhaa Oromoo itti kabajamuu osoo uumaamee hawwasni dhiimma kana irratti dammaquu danda'a.
- Dookimentariin waa'ee meeshaalee ateeteen walqabatu gama midiiyaa hawaasatiin osoo dhiyatee dhalootaaf hubannoo kennuu dana'a.
- Dhimmooni duudhaa Oromoo midiiyaan dhiyataan irra caala gara ammayyummatti dhufan bifa isanii kan durii irraa jijjirrachaa waan deemaniif hanga danda'ameetti qaamni dhimmi ilaallatu haaluuma dur hawwasa keessatti argamaniin dhiyeesuufi tursiisuuf osoo yaalame.
- Meeshaalee aadaa Oromoo kan ateetees ta'ee kan sirna adda addaa keessatti tajaajiilan qaamni itti fayyadamu sababaafi fakkoommii meeshaan sirnicha keessatti qabu osoo adda baase.
- Sirni ateeteefi meshaaleen sirnicha akkasuumas sirnoonni adda addaa dudhaa Oromoo ibsan hawaasa keessaa badaa waan jiraniif qabiiyyee barnootaa keessatti osoo dhiyatani dhaloonni dhufu xiyyeeffanno kennuufi danda'a.
- Waajiirri Aadaafi turizimii sadarka sadarkaan jiru meeshaalee aadaa sirna adda addaa keessatti dudhaa Oromoo ibsan walitti qabuun tursiisuuf osoo yalaame umurii meeshaalee kanneni dheeressuu danda'a.
- Agarsiifni meeshaalee aadaa durii, uffannaa durii,meshaan dhangaan aadaa itti qopha'uu godaambaa keessatti haala jireenya hawaasaa calaqqisuu akka danda'utti kaa'uun osoo yalaame

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa . 2011**.** *Akkamtaa.Yaadrimee Qorannooo Hujoo* Finfinnee.

Alamaayyoo Hayiilee .2007. *Gadaa:Siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee.

Alamaayyoo Hayiilee,Boshii Gonfaa,Daani'eel Dheeressaa,Sanbataa Bushaa,Umar .1998. *Seenaa Oromoo Haga Jarraa 16<sup>ffaa</sup>*.BirooAadaafi Turizimii Oromiyaa: Berhanena Selam Printing Enterprise

Alamuu Yaadasaa .2012. *Duukaa Oromoo*.Finfinnee.

Balaay Makooniin.(2007).*Kiristanuummaafi Oromoo Durii Hanga Ammatti*.Finfinnee.

Bukenya, A.1994**.** *Understaning OralLiterature*. Kenya: Nairobi: University Press.

Buscom William.1965.*Four Functions of Folklore,in Dundes,A.(1965).The Study of Folklore.* Burkelay: Printice-Hall, Inc.

Caalaa Diroo.(2014). "Xiinxala Fakkoommii Meshaa Ayyana Ayyantuu Warra Oofaa:Aanaa Meettaa Roobii" Yuunvarsitii Addis Ababaa (kan hinmaxxafamne).

Caalaa Soorii. 2013.*IRREECHA. HORA HORSADEE*.Oromiyaa,Duukam.

Creswell, J.W. 2003. Deesign: Qualitative, Quantitative and Mixed Methods Research Approaches. 2nd ed. sage publications, Inc.

Dastaa Dassalaanyi .2013**.** *Bu'ura Qorannoo*. Finfinnee: Mana Maxxansa Boolee.

Dirribii Damisee.2012. *Ilaalcha Oromoo*. Finfinnee.

Dorson Richard.1972. *Folklore and Folklife: An Introduction*. Chicago: The University of Chicago.

Dundes Allen.1965. *The study of Folklore*, Berkeleri: Prentice-Hall.

Gumii Waaqeeffanna Addunyaa. 2018**.** *WAAQEFFANNAA*. Norway.

Hayiluu Bantii.1997**.** *Cora Aadaa*. Bole printing press.

Henary Glassie. 1993. *InTurkith Tradditional Art Today.(Blooming Ton*):IuPress.

Jiinanus Galataa.2010. "*Qaacceessa Qabiyyee Meeshaa Ulfoo Amantii Oromoo* :Aanaa Tokkee Kuttaayee " (BA thisis).

Leach.Maria.1966. *Virgin Brithin Proceedings of Royal*. Anthropological Inistitution.

Leelliisaa Aadaa. 6413LW.*Kudhaama Seenaa*.Elleni P.P.PLC.

Leelliisaa Zamaduu.2018**.** *Hubannoo Oromoof,Sirna Gadaa, Amanitiifi Seenaa Oromoo*: Finfinnee, Oromiyaa.

Levi- Stravss.1966. *The Sallage Mind.London Weiden*.Feld and Nicaolson.

Maammoo Gadaa.2013.*Duudhaa*.Hy International.Finfinnee.

Maatii Sabaa.2006. *Daaniyaa*.Finfinnee.

Melakneh Mangistu.2006*. Fundamental of litrature*.Addis Ababa University.

Misgaanuu Gulummaa. 2011. *Dilbii: Bu'ura Afoolaa*, *Ogafaanifi Afwalaloo Oromoo*. Finfinnee: Subi Pirinting press.

Mulgetaa Nagaasaa. 2014. "Documantation and Analaysis of Ritual Performance of Sera Gada Amoung Karayu Oromo"(PHD).

Okpewho: Isidore.1992. *African Oral Literature: Back ground, Character and Continuity Blooming to and Indiana Polis*: Indiana University Press.

Oring.E.1986. *Folk Groups and Folklore Genres: An Introduction Logan* Utaha:Utaha University press.

Sigmand Frueds.1963. .*Introductory Lecture on Psycho-analysis*.London: Hogurth Press.

Tashaalee Asaffa.(2007)."Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Ateetee Oromoo: Wallaga Bahaa" Yuunvarsitii Wallaggaa (kan hinmaxxanfamne)

Turner,V.1969*. V.Forms of Symbolic Action in R .F spencer(ed), Forms of Symbolic Action, proceeding of The spring Meeting* American Ethinological Society Seatle: University of Washington Press.

Yaazoo Nugusuu.(20116)." Qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Ateetee Oromoo: Shawaa Bahaa" Yuunvarsitii Addis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digirii laffaaamma (kan hin maxxanfamne)

# Dabalee A

## YUUNVARSITII FINFINNEE

## FAAKALTTII DHABBATA QO'ANNOO AFAANIITTI

## DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII

## Afgaaffii

Kaayyoon afgaaffii kanaa,qorqnnoo mata duree "qaacceessa Adeemsaa Raawwiifi fakkoommii meeshaalee ateetee" jedhuuf ragaa funaannachuuf waan ta'eef shakkii tokko malee biliisa taatanii deebii keessan akka laattan kabajaan gafatamtanii jirtu.

Ajaja 1^ffaa Odeeffannoo dhuunfaa

Maqaa________________________Saala ___ umurii_____sad/b______ganda -------

Ajaja 2^ffaa Gaaffiilee kanaa gaditti dhiyataaniif haala gaftamtaniin deebii keessan kennaa.

1 Meeshaaleen sirna ateetee keessatti hojii irra oolaan maal fa'a?

2. Meeshaaleen kunniin eessa argamu? Eenyuun hojjatamu?

3 Sirna ateetee keessatti meeshaaleen jedhamaan hundi argamuu qabu? Yoo hirdhatan hoo?

4. Meeshaaleen ateetee haarawa ta'uu qaban maal fa'a?

5. Meeshaaleen moofaan maaliif lagatmuu?

6 Okkootee marqaa maaliif jabaa irra kaa'uu? Maal ibsa?

7 . Dhangaa ateetee qopheessuuf garbuu hadhoon maaliif filatame?

8 . Meeshaaleen ulfoo ateetee jedhamaan maal fa'a? eessa argamuu

9 Yeroo ammaa meeshaaleen kuniin gutuummaan sirna ateetee keessatti
ni argamu?

10 Fakkoommii meeshaalee kana ykn maal akka bakka bu'aan natti
himuu dandeessuu?

11 Meeshaaleen ateetee uulfoo jedhaman maal fa,a?,dhangaa ateeteefi meeshaalee haarawaho heeruu dandeessu?.

12 Yeroo amma meeshaaleen sirna ateetee kun sadarkaa maalii irra jiru?

13 Hawaasni nannoo kana meeshaalee ateeteef ilaalcha akkamii qaba? Gaarii ykn laafa yoo ta'ee maaliif? Yaanni furmata jeettanii yaaddan maal?

# Dabalee B

## YUUNVARSITII FINFINNEE

## FAAKALTTII DHABBATA QO'ANNOO AFAANIITTI

## DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII

**Daawwaannaa**

Kaayyoon dawwaanna qorannoo kana digrii 2ffaa guuttachuuf taasiifamuuf odeeffannoo gumaacha goochuu dana'uu argachuuf sirna kabaja ayyaana ateetee yoomeessa uumaamaa keessatti argamuun qabxii kana gadii irratti dawwannaan rawwatameera.Kuniis meeshaalee warabbii barbachiisaniitti dhimma bahuun waraabameera.

1 Iddoo

- Ganda –Koroophuu
- Mana –obbo Dachaasaa Baayiisaatti.
- Guyyaa_11/10/2011-13/10/2011

2 Haala rawwii

2.1 sirna dura

- Gaafa 11/10/2011 dalla loonii ijaaruufi jaba murachuu rawwatameera.
- Mshaaleen sirniichaaf barbaachiisan hundii qopha'aniiru.

2 .2 yeroo sirnaa Gaafa 12/10/2011 sa'a 11:00 irra eegaala.

- Halkaan guutuu sirniicha gaggeessa bulan
- Gaafa 13/10/2011 haati ateetee facaasa ni facafatti,jafuureen ninyatama,marqaan dhiiraf dhngaan qopha'ee dhiyate wadaajaaf qoodmeem nyatama,.akkasuumas faaruun ateetee farfatamee jira

3 Meeshaalee ateetee dhimma itti bahamaan

- Meeshaaleen haaraan dhihatanii jiru
- Dhangaan ateeteef qopha'ee jira.
- Meeshaaleen ulfoo dhiyatanii jiru
- 4 Meeshaaleen hundi yeroo rawwiifi waan itti rawwatamu qaba.

# Dabalee C

**YUUNVARSITII FINFINNEE**

**FAAKALTTII DHABBATA QO'ANNOO AFAANIITTI**

**DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILOORII**

Ragaa Odeefannoo kennitoota afgaaffii

Odeeffannoo keenitoonni hundi isaanii baadiyya ganda adda addaa keessa kan jiraatan ta'ee baayeen isaan namoota ateetee bulfachaa turanifi warra amma bulafatan akkasuumas manguuddoota hooda beekan yoo ta,u hundi isaan dhimma meeshaa ateetee irratti afgaaffi qopha'eef yaada isaani ibsanii jiru .

| T/l | Maqaa | saala | Umurii | ganda | Sad/b | Hojii | Raga | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Ayyalaa Sorsee | dhi | 75 | Golja | 5ffaa | Q/bula | Fakkoommii meeshaalee batalaa | 21/10/11 |
| 2 | Bijiigee Gurmeessaa | Du | 85 | Uukkoo | - | Q/bu | Uffannaa haatii Ateetee uffattu | 12/10/11 |
| 3 | Dachaasaa Baay'isaa | dhi | 87 | korophu | - | " | Fakkommi meeshaa ateetee | " |
| 4 | Dibaabee Dachasaa | Du | 52 | Duulee | - | " | Faaruu sirna ayyaana Ateetee | 13/10/11 |
| 5 | Digaafee Mul'ata | Dhi | 76 | Hubato | - | " | Moggaasa maqaa aanichaa | 15/8/11 |
| 6 | Hayiiluu Dachaasaa | Dhi | 59 | korophu | 8 | " | Faaruu Ateeteefi adeemsa sirnichaa | 13/10/11 |
| 7 | Kumsaa Dabal | Dhi | 60 | Duulee | 6 | " | Moggaasa maqaa aanichaa | 24/8/11 |
| 8 | Loomiita Guutaa | Du | 86 | Uukkoo | - | " | Meeshaaleefi dhangaa hojiirra oolan | 19/10/11 |
| 9 | Niigaatuu Nigiisaa | Du | 90 | korophu | - | " | Fakkommi dhangaafi meeshaalee haarawaaa | 13/10/11 |
| 10 | Nigiisaa Dheereessaa | Dhi | 65 | Duulee | 3 | " | Fakkommi meeshaalee ulfoo Ateetee | 24/8/11 |
| 11 | Zannabuu Gogoolaa | Du | 80 | Korophu | - | " | Adeemsa sirna ateeteefi hirmaattota sirnichaa | 13/10/11 |

# Dabalee D

*Suura yeroo odeeffannoo funaanaan agaarsiisu.*









*Suura yeroo rawwii adda addaa sirniicha keessatti agarsiisu*

















## Dabalee E


*Suura iddowwaan seena qabeessa aaniichaa agarsiisu.*



*Haroo Dandii kan WATADIrraa fudhatame .*



Bosona cllimoo kan waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Dandiitii fudhata




*Masaraa Mootummaa kan bosona Cillimoo keessaa kan WATAD Irraa fudhatame*

## Dabalee F

**Hidda Dhaloota Qubsuuma Oromoo Aanichaa**

Qubsuma uummata Oromoo Aanaa Dandii kan keessaa Seenaa Oromo hanga jaarraa 16[ffa"] jedhu irraa fudhatame bifa armaan gadiitiin qindaa'ee jira




*Caatoo*: *Hidda dhaloota Kuushiihanga ammaa*

Kitaaba Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa (2007:114, 146, 149)fi maanguddootairraa fudhatamefi hidda dhalootaa hawaasa naannoo qorannoon taasifame.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhihaannee ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaani wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinin mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu________________________________

Mallattoo _______________________

Guyyaa ____________________________